

Kaadaastara lafa magaalaa hojiirra oolchuun faayidaa akkamii qaba?



Natsaannat Taaddasaatiin

Adaamaa: Oromiyaatti kaadaastara lafa baadiyyaafi magaalaa hojiirra oolchuun erga jalqabamee waggaa afur lakkoofsiseera. Kaadaastari lafa baadiyyaafi magaalaa kun sirna bulchiinsaafi ittifayyadama lafaa ammayyeessuun rakkoolee lafaan walqabatan furuu keessatti gumaacha olaanaa taasisaa kan jiru yommuu ta'u, magaalotni Adaamaafi Bishooftuu sirnaan kaadaastara lafa magaalaa hojiirra oolchuun moodelummaan kan eeraman ta'uu Biiron Lafa Oromiyaa ibseera.

Biiron Lafa Oromiyaatti Daarektari Galmeessa Qabiyyee Lafaa Obbo Nugusee Baqqalaa akka jedhanitti, kaadaastara jechuun sirna odeeffannoo lafaa jechuu yoo ta'u, sirna bulchiinsaafi ittifayyadama lafaa ammayyeessuuf kan gargaarudha.

Oromiyaatti kaadaastara lafa magaalaa baadiyyaafi hojiirra oolchuun erga jalqabee waggoota afur lakkoofsiseera. Kaadaastara lafaa hojiirra oolchuun rakkoolee bulchiinsaafi ittifayyadama lafaan walqabatan furuu, mirga abbaa qabiyyee lafaa dijitaallessuufi galii mootummaan lafarra argatu guddisuufis kan gargaaru ta'uu eeraniiru.

Kaadaastari lafaa tokko tokkoon cittuu lafa magaalaa keessa jiru lakkaa'anii siistama teknolojiin

Gara fuula 14tti



Aadde Sannaayit Solomoon

Itoophiyaa Kibbaatti balaan sigiga lafaa ammayyuu yaaddessaadha

Waaqshuum Fiqaduutiin

Finfinnee: Naannoo Itoophiyaa Kibbaa, Godina Gofaa, aanaa Gazee Gofaatti balaan sigiga lafaa lubbuu namoota 223 ol galaafate godinaalee naannichaa hedduuttis yaaddoo ta'eera.

Balaan sigiga lafaa haala kanaan dura hinbaratamneen Itoophiyaa bakkoota hedduutti mudachaa jiraatus kan Naannoo Itoophiyaa Kibbaa godaannisa hamaa ta'uun seenaa keessatti yaadatama.

Ittigaafatamtuun Biiron Kominikeeshinii Naannichaa Aadde Sannaayit Solomoon Roobii darbe namoota balaa sigiga lafaa jalaa baraaramaniif deeggarsaa taasifamuufi hojii

Gara fuula 14tti

Boqqonnaan calallii ajandaa milkaa'ina marii biyyaalessaatiif dhimma murteessaadha

- Harariitti waltajjiin marii ajandaa walittiqabuu har'a jalqabama

Gammachuu Kadiriin

Haraarii: Mariin calallii ajandaa naannolee waliigaltee biyyaalessaa uumuuf boqonnaa ta'uu murteessaa ta'uu Komishiniin Marii Biyyaalessaa ibse. Naannoo Harariitti waltajjiin marii ajandaa walittiqabuu har'a, Hagayya 4 bara 2016 irraa eegalee guyyoota ja'aaf adeemsifama.

Komishinari komishinichaa Ambaasaaddar Mahaammud Diriiri calallii ajandaa Naannoo Hararii ilaalchisuudhaan dheengadda ibsa gaazexeessitootaaf kennaniin, mariin calallii ajandaa Harariitti gaggeeffamuufi naannolee birootti gaggeeffaman ajandaa bu'uura waliigaltee biyyaalessaa milkeessan walittiqabuuf daran murteessaadha.

Gara fuula 14tti

Buufanni xiyyaaraa idiladdunyaa Bishooftuutti ijaaramu Afrikaarraa isa jalqabaati

-Waggaatti imaltoota miliyoona 100 keessummeessa

Waasihun Takileetiin

Finfinnee: Ijaarsi pirojektii guddicha buufata xiyyaaraa Idilaaddunyaa Itoophiyaa haaraa Bishooftuutti ijaaramuuf jiru Afrikaarraa isa jalqabaa ta'uufi waggaatti imaltoota miliyoona 100 akka keessummeessu Daandiin Qilleensaa Itoophiyaa beeksise.

Hojjaggeessaa Daandiin Qilleensaa Itoophiyaa Obbo Masfin Xaasoo waliigaltee ijaarsa buufata xiyyaaraa Itoophiyaafi dhaabbata 'Zaha Hadiid Arkiteektii Dar' jedhaman waliin kaleessa Finfinnee, Hoteela Iskaaylaayititti raawwataniiru.

Ijaarsi buufata xiyyaaraa haaraa kun waggoota shan keessatti kan xumuramu yoo ta'u, walta'insa Dhaabbata Ijaarsaa Dar akkasumas Zaha Hadiid Arkiteekti jedhamaniin hojjetama jedhameera.

Akka ibsasaaniitti buufatichi Afrikaarraa isa jalqabaa yoo ta'u, xiyyaarota 270 qubachiisuu danda'a. Buufanni Xiyyaara Boolee waggaatti imaltoota miliyoona 24 qofa kan keessummeessu yoo ta'u, haaraan ijaaramu

Gara fuula 14tti



ODUU

Daandii Walisorraa Wancii geessu hordofee sigiga lafaa mudachuu mala jedhame

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Daandii Walisorraa Wancii geessu hordofee sigiga lafaa mudachuu akka danda'u Qorataan Injiinariingii Hayidiroo ji'ooloojikaalaa Yunivarsitii Finfinnee Baay'isaa Raggaasaa (PhD) hubachiisan. Balaa sigigaa xiqqeessuuf kaartaan sigiga mul'isu ('Hazard zonation map') akka biyyaatti qopheessuun fala ta'uus ibsaniiru.

Doktar Baay'isaan ibsa Wiixata darbe Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, daandii Walisorraa Wancii geessu hordofee yunivarsitichi barattoota waraqa eebbaa qopheessan walta'uun qorannoo salphaa adeemsiseen bakkeewwan eeramanitti sigiga lafaa mudachuu akka danda'u adda baaseera. Yunivarsitichi kutaalee biyyattii balaa sigigaaf saaxilamoo ta'an sababa hanqina bajataarraa kan ka'e qorannoon adda baasuu hindandeenye.

Ta'us barattoota waraqa qorannoo qopheessan fayyadamuudhaan daandiiwwan hojjetaman tokko tokko hordofuun qorannoo balaa sigiga taasisaa jira. Hanga ammaatti qorannoo taasisaan bakkeewwan balaa sigigaaf yaaddoo hinqabneefi qaban muraasa adda baasuun danda'ameera. Daandii Walisorraa Wancii geessu akkasumas naannawaa haroo Wancii dabalatee sigiga mudachuu akka malu bu'aan qorannoo yunivarsitichi barattoota waliin ta'uun gaggeesse mul'iseera. Kanaaf, naannawaa kunneenitti xiyyeffannaan



Tibba gannaa kana iddoowwan adda addaatti waan sigigni lafaa mudachuu maluuf of eeggannoo gochuun barbaachisaadha

kennamuu qaba jedhaniiru. Akka ibsasaaniitti, sigiga lafaa sochii lafa olka'aa tokkorraa gara gadiitti walcaalmaa humnoota lafa walqabee tursuufi adda baasu gidduutti gaggeeffamuun kan uumamuudha. Harkisi dachee humnoota lafa dhiibanii adda baasan waliin ta'uudhaan humnoota lafa walitti qaban wayita caalan lafti sigigaata.

Lafti akka walhinqabanne taasisuudhaan

kanneen lafa sigigaachisan olka'iinsa lafaa, akaakuu biyyee (dhagaa, cirraha), bokkaa samiirraa roobuufi lafa jala guatee ol dabaluu, kirkira lafaafi ulfaatina dabalataa bakkasanarratti dabalamu akka fakkeenyaatti kaasaniiru. Gochoota namtolchee keessaa ijaarsa daandii gaarreen addaan qooduun gaggeeffaman balaa sigigaaf sababa akka ta'an ibsaniiru.

Burqaan duraan hinjirre gaarreen jalaa yoo burqe, lafti baqaquu, mukkeen hundeesaaniitti duufanii guddachuun ogeessa ji'olojiin yoo adda ba'e mallattoo sigiga lafaatti fudhatamuun eeggannoon barbaachisaan taasifamuu qaba.

Sigiga lafaa lubbuu namaafi qabeenya balleessuurra darbee Laggeen daandiirraa jal'isuudhaan balaa lolaafi faalama bishaanii qaqqabsiisuu akka danda'u himanii; waliigala balaa sigiga lafaa xiqqeessuuf kaartaan mul'istuu balaa sigiga (hazard zonation map) fala ta'uu ibsaniiru. Akka hojjetamuufis qamolee dhimichi ilaallatuun xiyyeffannaan akka itti kennamu gaafataniiru.

Akka waliigalaatti, balaa sigiga lafaa teknooloojiin hambisuun kan hindanda'anne ta'uus xiqqeessuun nidanda'ama. Kanaafis, kaartaan mul'istuu balaa sigigaa barbaachisaa ta'uu eeranii; kaartichis lafa qonnaafi qubannaa akkasumas magaalota bakka balaan sigiga zeeroo ta'etti hundeesuuf gumaacha olaanaa qaba.

Bakka sigiga mudachuu mala jedhamee yaaddoo ta'etti hawaasi argamu wayita balaan sigigaa mudatu lubbuu baraaruf battalasanatti fiiguun balaa boodaan jiruuf kan saaxilu ta'uu hubannoo uumuun barbaachisaadha. Mootummaan dhimma kana hubachuun qorannoo kaartaan mul'istuu balaa sigiga lafaa akka qophaa'uuf xiyyeffannaan kennuufi qaba jedhaniiru.

Qulqullina Barnootaaf shoora sosochii "Barnootni Dhalootaaf" jedhamuu

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Akka ragaan Ministeera Barnootaa agarsiisutti manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa fi sadarkaa giddugaleessa Itoophiyaa keessaa harki 86 hanqinoota bu'uraalee misoomaa qabu. Akkasumas manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa harki 71 hanqina bu'uraalee misoomaa qabu.

Hanqina gama kanaan jiru kan hubate mootummaan Itoophiyaa lammiileen golee Itoophiyaa kamittuu barattan hundi manneen barnootaa kaleessa itti baratan deeggaruun wantootni guutamuu qaban akka guutaman taasisuuf bara darbe sosochii "Barnootni dhalootaaf" jedhu eegaleera.

Bu'uuruma kanaan Mootummaan Naannoo Oromiyaas bara darbe sagantaa tajaajila lammummaatiin hojii manneen barnootaa sadarkaasaniif fooyessuu, manneen barnoota haaraa ijaaruu fi galteewwan barnootaa guutuu hojjechuuratti argama. Bara bajataa 2016 sagantaa tajaajila lammummaatiin hojii misooma barnootaa qarshii biliyoona 24tti tilmaamamu hojjetameera.

Sadarkaa Hogganaa Ittaanaatti Gorsaan Biirichaa Obbo Efreem Tasammaa Gaazeexaa Bariisaaf tibba darbe akka ibsanitti, hojiiwwan manneen barnoota sadarkaa tokkoffaafi isaa gadi keessatti hojjetama, bajatni gama mootummaan dhiyaatu mindaa hojjetoota seektara barnootaa kaffaluufi dhiyeessii kitaabaaf qofa oola.

Labsii tajaajila lammummaa mootummaa naannichaatiin ba'e uummata hirmaachisuun

hojiileen misooma barnootaa bu'a qabeessa ta'an hedduun hojjetamaa jiru. Bara bajataa 2016 manneen barnootaa 3,410 istaandaardiisaanii fooyyessuuf karoofamee manneen barnootaa 6,011 fooyyessuun danda'ameera.

Naannichi mana jireenyaa barsiisota baadiyyaa 4,000 ijaarsisuuf karoofatee mana 6,926 ijaarsiseera. Hojii kanaan barsiisotni baadiyyaatti barsiisaan gammadani hojiisaanitti kaka'umsa akka horatan taasifameera.

Mana Barnootaa Bu'uura Boruu haaraa 4,574 ijaarsisuuf karoofamee, 4,612 ijaarsisaanii jalqabamee gariinsaniif ijaaramanii wayita xumuraman, gariinsaniif ammoo ijaaramaa jiru kan jedhan Obbo Efreem; godina hundatti uummatni mana barumsaa ijaaree dhiyeessii guutamuu qabus ofisaatiif guutee barsiisotni akka ramadamaniif gaafachaa jiraachuu ibsaniiru.

Ummatni faayidaa barnootaa hubatee hojii misooma barnootaatiif deeggarsi taasisaa jiru yeroodhaa gara yerootti dabalaa jira. Tajaajila lammummaatiin mana barnootaa keessatti barattootni miliyoona 5.7 ta'an sagantaa nyaataatiin fayyadamoo taasifamaniiru.

Karoorra bara bajataa 2017 ilaalchisee Obbo Efreem akka jedhanitti, Manneen Barnootaa Bu'uura Boruu 5,000, sadarkaa tokkoffaa 1,000, mana jireenya barsiisotaa 8,000 ol ijaaruu karoofameera. Haaluma walfakkaatuun Manneen Barnootaa Bu'uura Boruu 3,170, sadarkaa tokkoffaa 2,764, Sadarkaa lammaffaa 184, Manneen Barnoota



Barattootaaf nyaata dhiyeessuunis qaamuma misooma barnootaati

Addaa 16fi Manneen Barnoota Bultii Addaa shan sadarkaasaniif fooyyessuuf karoofameera.

Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnootti Daarektarii Ittaanaan Mana Barumsaa Sadarkaa 1ffaa Abdii Noonnoo Obbo Gammachuu Iddoosaa gamasaaniin akka jedhanitti, Mana barumsasaaniif suphaan taasifameera. Suphaa taasifameenis rakkoon mana barumsichaa furameera.

Mana barumsichaatti barattootni waan baay'ataniif rakkoo walmadaaluu dhabuu dareefi baay'ina barataatu ture. Rakkoo kana furuuf bara bajataa 2016 hirmaannaa ummataatiin dareewwan dabalataa afur ijaaramanii xumuramaniiru.

Ganna kanas suphaan teessoo 100fi mana fincaanii balbala torbaa gaggeeffameera. Daree afur balballi akka itti jijjiiramu wayita taasifamu, daree barnootaa 12 keessaafi alaa haalluu dibuun dabalata mana waadiyyaa


haaraa tokko ijaaruu danda'ameera.

Hirmaannaa ummataatiin hojiileen bu'a qabeeyyiin hojjetamaa jiraatanis adeemsa baruufi barsiisuu mijataa taasisuuf gara fuulduraatti hojiileen hojjetamuu qaban hedduun jiraachuu himanii: bara dhufu daree dabalataa afuriifi mana fincaanii 12 ijaarsisuuf karoofameera jedhaniiru.

Haaluma walfakkaatuun Daarektarii Mana Barumsaa Sadarkaa 1ffaa Sulultaa Obbo Habtaamuu Margaa gamasaanitiin akka jedhanitti, mana barumsaasaniitti boolla bishaanii kanaan dura ture sararasaa diriirsuun dhugaatiifi qulqullina barattootniif barsiisotni akka ittifayyadaman taasifameera.

Galii mana barumsichaa dabaluu kan gargaaru manni tajaajila kaafteeriyaafi faayidaa biroo ooluu danda'u kan kutaa sadii qabu hirmaannaa ummataatiin ijaameera. Teessoowwan caccaban suupuun cinatti mana barumsichaa hawwataa taasisuuf halluun akka dibamu taasifameera.

Ijoo Dubbii



Fooyessa cabiinsa dinagdee waarinaan wal'aanu

Itoophiyaan biyya maraanmartoo hiyyummaa keessa jiraachaa turteefi jirtu taatee jijjiirama siyaasaa bara 2010 hordofee hiyyummaaf boodatti hafummaa keessaa ba'uuf riifoormiiwwan guguddoo hojiirra oolchaa jirti. Riifoormiiwwan kanneen keessaa riifoormii dinagdee mandhaaleetti aanee kan dhufe fooyyessa dinagdee gooroo tibba taasifameedha.

Fooyyessa dinagdee gooroo taasifame hojiirra oolchuun Itoophiyaaf dhimma jiraachuufi jiraachuu dhabuuti. Cabiinsa dinagdee keessa turte keessaa ba'uufis filannoo dorgomummaa ishee guddisu daandii gara badhaadhina qabatamaatti geessuudhas.

Qormaatawwan fooyyessa dinagdee gooroo wajjin walqabatee dhufu dandamachuun dorgomtummaa dinagdee addunyaa keessa galuuf balbala akkasii banuun haala mijaawaa uumamni nu gonfachiisetti fayyadamnee, kan qabnuttis sona daballee humna alergii keenya akkaataa barbaadamuun daballaan milkaa'ina keenyaaf carraa amansiisaa qaba.

Haata'u malee, dukkaneessanii laaltonni keessaafi alaa fooyyessa dinagdee gooroo taasifame dukkaneessuun yoo danda'an boodatti deebisu yoo dadhaban bakkuma jirutti dhaabsisuuf tattaafachaa jiru.

Mootummaan murtoo akkasii kan murteesse cabiinsa biyyi keessa jirtu bu'uurraa jijjiiruuf tarkaanfii waan yaadeefi. Kunis dhaabbilee faayinaansii bayyanachiisuurratti kan xiyyeeffate tooftaa miidhaa biyyarraan hingenyeenis kan hordofamuudha.

Qormaata mudachuu malu dandamachuun faayidaa gama kanaan argamu guddisuuf mootummaa, uummata, qaamotni hojii bizinasii keessatti qooda fudhatanii hayyoonni maal gochuu qabu? Eenyu irraa maaltu eegama? Kan jedhu xiinxalamuufi uummatni fayyadamummaa isaa akka mirkaneffatuuf tumsa taasisuun barbaachisaadha.

Kanaafis akkuma hayyoonni damichaa jedhan malaammaltummaa, hojmaata badaafi kontirobaandiirratti to'annaa jabaan diriiru qaba. Waanti malaammaltummaafi kontirobaandiidhaan alatti ergamu qaala'iinsa jireenyaa hamaaf ulaa bana.

Fooyyessi taasifame gatii gabaa bu'uureffateeti malee hanga bittaa qarshii kan dadhabsiisu waan hintaaneeff dinagdee gabaa bilisaa ijaaruu guddina saffisaaf bu'ura jaba ta'us rakkoollee yeroof mudatan maqsuuf akkuma jedhame harkaqaal'eeyyii hirphuun, seefineetii gabbisuun eeggattummaarraa gara omishtummaatti, boba'aa, xaa'oo, qorichaafi shaqaxoota bu'uraa hirphuun cimtee ittifufuu qaba.

Walumaagalatti, fooyyessa dinagdee gooroo utubaawwan ijoo afuriin ijaarame jechuunis tokkoffaa, dinagdee tasgabbaa'inaafi ittifufiinsa qabu bu'uureessuu; lammaffaa, hojiilee kalaqaafi investimantiif haala miijeessaniifi dorgomoo guddisuu; sadaffaa omishaafi omishtummaa biyya keessaa jabeessuufi affaafaa, tajaajila qulqullina qabu kennuuf dandheetii mootummaa guddisuu qabateefi cabiinsa dinagdee biyyattii haala waaraadhaan wal'aanuuf tajaajilu kana sirnaan hojiirra oolchuun daran murteessaadha.

Yaada/Ajandaa

Daaw'annaa Oromiyaa kibbaatti

Kutaa qophiitiin qindaa'e

Gujii

Gareen hoggansa olaanaa Oromiyaafi federaalaa Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Obbo Shimallis Abdiisaatiin durfamu tibba darbe goleewwan adda addaa naannichaatti daaw'annaa hojii taasiseera.

Dhiyeenya kana ammoo gara Oromiyaa kibbaatti imaluun hojiilee misoomaa daaw'ateera. Imala kana ilaalchisuun Obbo Shimallis ergaa ittaanu dabarsaniiru.

Imala keenya tibbanaa ittifufuun Godina Gujii Lixaatti magaalaa baadiyyaa, maasiifi qe'ee qonnaan bulaatti argamuun woyyoomasaa dhagginee, faarasaa dhageennee jabina, komiifi sochii misoomaa ummata keenyaa daawwachuun ittifufneerra.

Gujiiin lafaafi namaan Ayyaantuu, sirnaan Gadaadha. Gujiiin namaan qaroo, lafaan suga guutuudha. Gujiiin wayyooma lafaafi waaqan nagaa lallabu. Kanaaf, yeroo hunda Mijuu yoo eebbisu:

"Bobbaan nageya

Tissaa uleen nageya

Gooroon Doolaa nageya

Gooroon Oromoo teennaa martinuu nageya

Barri Roobaaf nageya" jedhee dacheef qilleensasaa irra deddeebiin eebbisee hoofkaltii hawwa.

Daawwannaa hojii misoomaa Godina Gujii Lixaatti Aanaalee Abbayyaa, Surroo Barguddaafi Bulchiinsa Magaalaa Bulee Horaatti taasisneen, inisheetivoota misooma bunaa, qamadii, maashoo, horsiisa looniifi pirojektota garagaraa raawwatamaa jiran daawwanneerra.

Jalqabbiin qonna kilaastara qamadii dansaafi jajjabeessaa waan ta'eeff qonnaan bulaan bu'aa callaa argaturraa akka qusatu jajjabeessuun tiraaktaraafi kombaayinara akka bitatu, akkasumas gara investimantiitti akka ce'u utubuun hojii dursi kennamuufi qabuudha.

Sochiin misoomaa waliigalaa godinichaa jalqabii jajjabeessaarra kan jiruufi xiyyeeffannoon deeggaramnaan yeroo gabaabaa keessatti badhaadhina giddugaleessa mirkaneessuuf kan nu dandeessisu ta'uun hubatamee qooda fudhattoonni hundi gahee ittigaafatamummaasaa akka bahatu hubachiisuun barbaada.

Carraa kanaan simannaa ho'aafi jaalala cimaa ummanni godinaalee Oromiyaa Kibbaa nutti agarsiisaa jiruuf maqaa kiyyaafi Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin galateeffachuun barbaada.

Boorana

Daawwannaa sochiifi ga'umsa hojiilee misoomaa Godinaalee Oromiyaa Kibbaatti taasisaa turre ittifufnee gara Godina Boranaatti fuulleffachuun ofkaltii



Carraa kanaan simannaa ho'aafi jaalala cimaa ummanni godinaalee Oromiyaa Kibbaa nutti agarsiisaa jiruuf maqaa kiyyaafi Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin galateeffachuun barbaada.

goolabneerra. Beekaan tokko Boorana yemmuu ibsu, "Ummata murtoo yaa'ii" ('people of the assembly') jechuuni. Booranni beekaa qaroomina bulchiinsaati; dhaloota sadarkaan Sirna Gadaa keessatti guddisuunsaa kanaafi. Booranni "ebeluu qaroo, hagam? jennaan, haguma herrega ykn yaadisaa" jedhee mammaakuun asirraa ka'eeti.

Balbala Gadaa keessatti amanamummaafi qajeelina barsiisa. Kanaafuu, xiyyeeffannoo mararfannaa ummata ulfoo keenya kanaaf qabnu waadaa galleef amanamummaan raawwachuun akka qabnu amanna.

Bu'uuruma kanaan, aanaalee Yaabeelloo, Dirree, Eelwayyeeffii Moyyaaleetti argamuun inisheetivoota qamadii, horsiisa loon sanyii fooyya'aa marga beeyladaa, pirojektota Hidha Finnaafi buufata xayyaaraa Magaalaa Yaabeelloo daawwanneerra.

Jalqabbiin sochii misooma horsiisa loonii sanyii fooyya'aa, nyaata beeyladaafi pirojektota hidha Finnaa sadarkaa jajjabeessaarratti argamus, jijjiirama qabatamaa dhugoomsuuf baay'inaafi saffisaan hojjechuun idileessuun dirqama ta'uu hubachiisuun barbaada.

Mootummaan jijjiiramaa keenya inisheetivoota Looreeti Nagaa Addunyaa Kabajamoo Ministira Muummee keenya Doktor Abiyyi Ahmadiin bocaman qixa barbaadamuun hogganuun, ummata keenya gara badhaadhina hunda galeessaatti ceessisuuf halkanii guyyaa kan hojjetu ta'a.

Dhumarrattis, simannaa kabajaafi jaalala ummanni Oromiyaa Kibba nuu kennitaniif irra deddeebiin galatoomaa jechuun barbaada.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Piresii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata

Piresii Itoophiyaa

Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22

Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waasihuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

ODUU

“Misoomni koriidarii guddina turiizimii magaalotaa haalaan saffisiisa”


- Aadde Lalisee Dhugaa

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Misoomni Koriidarii guddina turiizimii magaalotaa saffisiisuu keessatti shoorra olaanaa waan qabuuf magaalota hunda keessatti babal’isuun barbaachisaa ta’uu Komishinari Komishinii Turiizimii Oromiyaa Aadde Lalisee Dhugaa ibsan.

Aadde Laliseen ibsa torbee darbe Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, inisheetiiviiwwan dura bu’ummaa Ministeera Muummee Doktor Abiyi Ahmadiin hojiirra oolaa jiran kanneen akka Maaddii Biyyaaf, Maaddii Dhalootaaf, Itoophiyaa Qulqulluufi Misoomaa Koriidarii dadammaqiinsa turiizimii biyyattii keessatti shoorra olaanaa gumaachaa jiru. Keessumaa inisheetiivii misooma koriidarii biyyoota Awurooppaa Kibbaa (Ingiliz, Faransaay, Xaaliyaan, Ispen)fi biyyoota Iskaandineeviyaatti guddina turiizimii magaalaa daran olkaasuun waggaa galii doolara biliyoonaan lakkaa’amu akka argatan isaan taasiseera.

Itoophiyaatti aadaan turiizimii biyya keessaa laafaa ture kutannoo mootummaan pirojektonni akka Wancii, Gorgora, Halaalaa Keellaa hojjetamuun aadaan daawwannaa ummata biyyattii akka dabaluu ta’uu himanii; misooma koriidarii Finfinnee, Bishooftuufi Adaamaatti hojjetamaa jiran guddina turiizimii magaalaa (“Urban tourism”) saffisiisaa jiraachuu dubbataniiru. Ammaan tana misoomni koriidarii jiraattota magaalaa magaalaa alaa kumaatamaan lakkaa’aman hawwataa akka jirus ibsaniiru. Keessumaa aadaan daawwannaa



dargaggoota biyyattii dabalaa dhufuu ibsaniiru.

Akka isaan jedhanitti, Oromiyaan magaalota hedduu qabaattus haalli pilaaniisaaniifi bu’uraaleen misoomaa qaban guddina turiizimii magaalaa mijataa miti. Misoomni koriidarii sadarkaa naannooti magaalota kanneen akka Bishooftuu, Adaamaafi Shaashamanneetti eegalame hudhaalee jiran furuun guddina turiizimii magaalaa waan saffisiisuuf magaalota biroo keessattis cimtee ittifufuu qaba.

Itoophiyaan qabeenya uumamaa badhaatuu ta’uun alatti biyya seenaa umurii dheeraa qabdu taatus bakkeewwan hawwata turiizimii qixa sirriin misoomsuufi beeksifamuu dhabaniin beekantiinis ta’e galiin damichaa gadaanaa ta’uu himanii;



hojiin misooma koriidarii Maaddii Biyyaaf rakkoo kana furuu keessatti gumaata guddaa akka qabu dubbataniiru.

Itoophiyaan argama dhala namaa qofa

osoo hintaane madda hawwata turiizimii ta’uunshee waltajjii idiladdunyaa garagaraarratti qindoominaan beeksifamaa jiraachuu eeranii; milkaa’inasaafis daandiin qilleensa biyyattii biyyoota 130 ol keessaa waajjira waan qabuuf akka carraatti itti fayyadamuunis barbaachisaadha. Imbaasiwwan Itoophiyaa biyya alaa jiranis beekantii biyyattiin qabdu gadaanaa ta’uu hubatanii hojii beeksisuurratti akka hirmaatan dhaamaniiru.

Hojiin qindoominaan hojjetamu akkuma jirutti ta’ee gama bakkeewwan hawwata turiizimii Oromiyaa beeksisuu keessatti biyyoota Bahaa Fagoofi Kaariibiyaa keessatti bal’inaan hojjetaa jiraachuu himanii; hojii kana hordofee yaa’iinsi daawwattootaa dabalaa dhufuus yaadachiisaniiru.

Aadaan marii laafuun Oromoo gatii kaffalchiisaa jira

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: “Dubbi mariin fixu aalbeen walfixu” makmaaksi jedhamu aadaa Oromoo miti, hinturres. Oromoon saba mariitti amanu, waldhaga’uufi sirna Gadaatiin walseerratuudha.

Taateen waggoota shanii as sababa waldhaga’uufi waltuffachuun Oromiyaafi Oromoo gidduutti mudate gaaga’ama uumaafi uumama rifaasise qofa osoo hintaane Oromoo tuffachiiseedha. Gaaga’amni mudate kunis bu’aa laafuu aadaa mariifi waltuffii ta’uu namootni tibba darbe Gaazexaa Bariisaaf yaada kennan ibsaniiru.

Obbo Girjaa Boruu hayyuu aadaafi seenaa yoo ta’an, biyya Oromoon bulchaa jiru keessatti walhubannaan dhibee inni tokko isa kaan waraannuun akka sabaatti waan nama qaanessuudha jedhu.

Akkuma kutaalee Oromiyaa tokko tokkotti ta’aa jiru Gujiittis osoo jaarsa, jaartii, dargaggeessa yookiin dubartii hinjedhin qabaniin ugguruun maallaqa gaafachuun, ajjeechaafi gudeeddaa raawwachuun, misooma ugguruun dinagdee laamshessuun gocha fokkataa, boquu Oromoo akkaan gad qabaa jiruudha. Taateen akkanaa aadaafi seenaa Oromoo keessa akka hinjirres dubbataniiru.

Aangoo argachuuf jecha bosona seenanii obboleessa ajjeesuufi hiraarsuun hinbarbaachisu jedhanii; Oromoon durii kaasee bu’uura sirna Gadaatiin aangoo dabalatee saba



Obbo Girjaa Boruu

fedhiisaafi fedhii waliisaa guutaa as ga’ee malee waraanaan aangoo walirraa akka hinmulqine yaadachiisaniiru.

Ammaan tana Gujii keessatti gochi gara jabinaa hin raawwatamne hin jiru. Albuuda dabalatee dacheen qabeenya uumamaan badhaate sababa rakkoo nageenyaaf misoomsuun danqaa ta’aa akka jiru himanii; akkuma “Warra walnyaatu gidduudhaa waa nyaatu” jedhamu rakkoo kana akka carraatti fayyadamuun daangaa ce’uun lafti Oromoollee saamamaa jira jechuun ibsan.

Waggaa 46 oliif barsiisaa kan turan Sheek Muusaa Suwaalaa gamasaaniin, ‘Qabsoo waggoota dheeraan booda hiree keenya akka murteeffannu Rabbi mirga nuuf kenneera. Keessumaa 60moota keessaa kaasee saboota hedduutu cunqursaa maqsuuf dhagaa darbataa



Aadde Masarat Biraanuu

ture. Miilana Oromoon Rabbi faara tollaan waan isa ilaaleef ganama dhagaa darbatee galgala injifannoon gale. Injifannoon kun akka salphaatti ilaalamuu hinqabu” jechuun ifaaja kaleessaa yaadachuufi haalatti injifannoo har’aa tikfachuun danda’amurratti gorsa maanguddummaa gumaachaniiru.

Kaleessa Oromoon garbummaafi hacuuccaa keessatti sagalee tokkoon Rabbitti iyyachuu cinaatti tokkummaan qabsaa’ee erga injifatee booda waldhaga’uun didee bosonatti maquun eessaa akka dhufe hibboodha jedhanii; akkuma rakkoon kaleessaa tokko isa taasise har’as injifannoo argamee tokkummaan ceesisuu baannaan salphinni booda jiru hamaa ta’uu dubbataniiru.

Oromoon ofisaarra darbee marii biyyaaleessaa



Sheek Muusaa Sawalaa

milkeessuufuu adda durummaan hojjechuu qabas jedhaniiru. “Yoo waljaalatani, jaalala moosisan bineensi bosonaayyuu si jaalata” jechuun “Harar naannawasaaniitti jaalala dhala namaafi waraabessa jidduu jiru akka fakkeenyaatti kaasaniiiru.

Aadde Masarat Biraanuu Godina Shawaa Kaabaa bakka bu’uun miseensa Caffee Oromiyaati. Akka isaan jedhanitti taateen duudhaafi aadaa Oromoo keessatti ta’ees dhaga’amees hinbeekne qaama hidhatee bosona keessa jiruun ummatarratti raawwatameera.

Ammaan tana akka godinichaatti fooyya’iinsi nageenyaa jiraatus sodaan jiru guddaadha. Kanaafuu, tarkaanfii olaantummaa seeraa cimsuu cinaatti yaaliin daandii nageenyaa cimtee ittifufuu qaba jedhan.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Hagayya 4 Bara 2016

Fooyyessa Dinagdee Gooroo:

**Sirna bulchiinsa sharafa
alaa ammayyeessu**

fuula 10



**“Shaggaritti guyyaa wiixataatti
uffata aadaatiin hojjachuu eegaluun
tajaajila fooyyessuu qofa osoo
hintaane, hannas hir’isaa jira”**

- Obbo Cammaraa Shibbiruu

fuula 6



**“Tajaajila tola
ooltummaa daangaa
ce’e kennuun hariiroo
hawaasaa daran
cimsuu keessatti
gahee olaanaa qaba”**

-Dargaggoo Lalisaa Daani'eel

fuula 8



Barreeffamni kun walta'iinsa Dhaabbata Piresii Itoophiyaafi Inistitiyuutii Qorannoo Armaawar Hansan wajjin walta'uun torbanitti kan dhiyaatuudha

Bu'aan qorannoo 'TB' hantuutaan deeggaramu Aharii kan beeksisuudha

Waasihun Takileetiin

Hantuuta gatiyabeessa yuuroon hedduu ittiba'e tajaajila qorannoo saayinsaawaa fayyaan walqabatu garagaraatiif oolu Inistitiyuutii Armaawar Hansanitti argama.

Hantuunni tokkoonsaa kiiloo giraama 1.5 kan ulfaatu yoo ta'u, Dhaabbata Beeljiyeem Appoopoo jedhamurraa kennaan kan argameedha.

Dhaabbanni Appoopoo hantuutota sanyiinsaani kiriseetoomis kan jedhaman yoo ta'u, keessumaa Keeniyaa Kibbaarraa hanga Afrikaa kaaba kibbaatti argama. Akka ragaaleen ibsanitti ganna saddeet nijiraatu jedhama.

Hantuutonna kunniin ji'oota sagaliif Taanzaaniyaatti leenjii barbaachisu fudhachuun tajaajilaa qorannaa saayinsaawaa garagaraa akka gaggeessan taasifamu.

Akaakuuwwan hantuutaa kunniin balaa kirkira lafaatiin yoo namoonni awwaalaman foolii dhahuun bakka namni itti awwaalame sana adda baasuuf ga'umsa guddaa qabu.

Dhootuu biyyoota gara garaatti

awwaalame sakattaa'uun bakka inni jiru eeruu kan kennan yoo ta'u, Itoophiyaatti garuu tajaajila qorannaa dhibee 'TB' gaggeessuun namni tokko dhukkubichaan qabamuufi qabamu dhabuu foolii fuudhuun adda baasu.

Qorannaa gama kanaan gaggeeffamu ilaalchisee hancufa ykn gorora namaa fudhachuun wayita hantuuta kana jala kaa'an yoo vaayirasiin 'TB' gororicha keessa jirate hantuutichi qeensa haadhuun mallattoo agarsiisa.

Yoo saamuda gorora fudhatame keessa vaayirasichi hinjiraanne garuu takka fuunfatee osoo irra hinturiin (qeensa hinhaadhiin dafee bira darba jechuudha.

Akka Finfinneetti qorannaa hantuunni gaggeessu qabatamaa ta'uu ilaalchisuun kan meeshaa yaala fayyaatiin ykn laabiraatorii bilisa jedhame keessattillee dhibichi akka jiru irra gahamee shakkamichi akka jalqabu taasifameera.

Inistitiyuutii Armaawar Hansanitti Qindeessaan Qorannaa 'TB' Appoopoo Hantuutaan Gaggeeffamuu Obbo Nugusee Bayyanaa ibsa dhimma kanarratti kennaniin hantuutonna gatiyabeessiifi qaaliin kun namaan kan madaqan miidhaas



kan hingeessisne ta'uu kaasu. Hantuutonna Appoopoo qorannoo 'TB' Aharii keessatti gaggeessan lakkoofsaan torba yoo ta'an hundisaaniyyuu gargaarsaan argaman.

Osoo gargaarsaan hinargamne ta'ee tokko tokkoonsaanii yuuroo kuma shaniin kan gurguraman yoo ta'u, leenjii gahaa ji'oota sagaliif Taanzaaniyaatti erga fudhatanii qormaata darbanii booda hojiitti bobba'u.

Appoopoo jechuun Afaan Dach yoo ta'u, fanjii farra dhala namaa sakatta'uun kan adda baasan jechuudha. Inistitiyuutiin Armaawar Hansan qorannaafi qo'annaa saayinsiin deeggarama taasisuun hawaasa fayyabuleessa horachuuf cichoominaan

kan hojjetu yoo ta'u, yeroo ammaas hantuutota torba deeggarsa dhaabbata Appoopoon Taanzaaniyaarraa dhufaniin hojiin dhibee 'TB' qorachuu Finfinneetti gaggeeffamaa tureera.

Haaluma kanaan namoota dhaabbilee fayyaatti qorannoo laabiraatorii bilisa jedhaman 1900 ol irra deebiin sakatta'insa hantuutota kanneeniin taasifameen martisaaniyyuu 'TB'n qabamuun waan ragga'eef qoricha farra vaayirasichaa eegalan taasifamuu qindeessichi kaasaniiru.

Qorannaan Ahariitti dhibee wwan garagaraafi kalaqa meeshaalee yaala fayyaarratti taasifamu ammallee cimee kan ittifufe yoo ta'u, bu'aalee yeroo ammaa galmaa'aa jiraniin ittiquufinsi jiru jajjabeessaadha.

Imaammata dhibee ofii ogeessa ofiin jedhu Ahariin qabatee ka'een milkaa'inoonni kalaqa meeshaalee yaala fayyaa, dhibee wwan qorichoota aadaa keenya ammayyeessuufi hantuutota Appoopoon deeggaramanii qorannaa dhibee 'TB' gaggeessuun kan nama boonsu waan ta'eef inistitiyuutichi wabii fayyaa Itoophiyaanotaati jechuun nidanda'ama.

KEESSUMMAA BARIISAA

“Shaggaritti guyyaa Wiixataatti uffata aadaatiin hojjachuu eegaluun tajaajila fooyyessuu qofa osoo hintaane, hannas hir’isaa jira”

- Obbo Cammaraa Shibbiruu

Bayyanaa Ibraahimiin

Dargaggoota yeroo ammaa magaalaa dhiyeenya hundoofte hogganaa jiran keessaa isa tokko kan ta’e, umrii dargaggummaa yeroo ammaa keessa jiruun waggoota kurnan darbaniif sadarkaalee garaa garaatti hoggansa bilchaataa kennuudhaan fakkeenya dargaggootaa kan ta’eefi yeroo ammaa immoo Shaggaritti Waajjira Pablik Sarvisii hogganaa kan jiru Kaadhimamaan Doktaraa Cammaraa Shibbiruu keessummaa Bariisaa maxxansa kanaati.



Barisaa: Mee jalqabarratti walhaa barruu?

Obbo Cammaraa: Tole ani Cammaraa Shibbiruu Qalbeessaan jedhama. Dhalootniifi guddinni koo immoo Godina Shawaa Kibba Lixaa, Aanaa Ammayyaattin dhaladhe. Achumattin guddadhe. Mana barnoota sadarkaa duraafi lammataas achumattin xumure.

Ijoollummaa kootti immoo jabbilee, re’eefi loon tiksaan guddadhe. Dabalataanis immoo akka ijoolllee baadiyyaafi qonnaan bulaatti akkuma umriinkoo dabalaa adeemeen hojii qonnaas maatii gargaaraan ture. Gaafa umriin koo barnootaaf gahu mana barnootaan gale jechuudha.

Haaluma kanaan mana barnoota sadarkaa jalqabaa mana Barnoota Sadarkaa Ifaa Ammayyaa jedhamuufi Magaalaa Gindooti argamuttiin baradhe. Yeroo nuti gara sadarkaa lammataatti dabarru manni barnootaa sadarkaa lammataa dur magaalaa Gindoo keessa hinturre achumatti waan ijaaramee barsiisuu eegaleef nutis barnoota sadarkaa lammataatiif osoo fagoo hindeemne achumatti barachuuf carraa arganne. Kanaaf mana barnootaa sadarkaa jalqabaafi lammataas achuma, Magaalaa Gindootin xumure jechuudha.

Bariisaa: Barnoota Olaanaa hoo eessatti hordoftan? Muummee kamiin?

Obbo Cammaraa: Akkuman barnootakoo sadarkaa lammataa xumureen kallattiidhaan kanin qajele gara Kolleejjii Barsiisotaa Jimmaatti. Achitti waggoota sadii baradhee dippiloomaadhaan eebbifame. Sana booda gara barsiisumaatti osoo hintaane akkuman eebbifameen gara hoggansa barnootaatin gale.

Osuman damee barnootaa hogganu digriikoo jalqabaa baradhee Yunivarsitii Finfinneerraa eebbifame. Ittuma fufuudhaan barnoota digrii lammataa Yunivarsitii Jimmaattin hordofee xumure.

Yeroo ammaas barnootakoo digrii sadaffaa ittifufuudhaan gara xumuraarrattin argama jechuudha. Bifa waliigalaatiin yemmuu ilaaltu akkuma sadarkaan hojii kootii dabalaa dhufuun

barnoota koos guddifachaan jira jechuudha. Kanaaf amma kaadhimamaa doktoraati jechuu dandeessa.

Bariisaa: Erga Kolleejjii Barsiisotaa Jimmaarraa eebbifamtanii kaasee hanga ammaatti eessa eessa tajaajiltan?

Obbo Cammaraa: Akkuman duraan sii kaasuuf yaale akkuman eebbifamen kallattiidhaan kanin gale waajjira barnootaatti ogeessa barnootaa ta’eeti. Ogeessumaan mindeeffamee waggaa tokkoofi walakkaatti gara sadarkaa hoggansaatti guddadhe. Gaggeessummaa immoo kan jalqabe aanaadhuma Ammayyaa, Waajjira Paartii Badhadhaadhinaatti Ittigaafatamaa Siyaasa Baadiyyaa ta’eeni.

Sanaan boodas gara Godina Shawaa Kibba Lixaatti imaluudhaan seektaroota gara gara keessa hojjadheera. Gara Sabbataa dhufees waajjira paartiitti dameewwan gara garaatti sadarkaa hoggansaatti tajaajileera. Boodarratti Sabbatumatti Ittigaafatamaa Waajjira Kantiibaas ta’ee tajaajileera.

Boodarra gaafa hundeeffamni Magaalaa Shaggar dhufu Kutaa Magaalaa Galaan Guddaatti ittigaafatamaa siyaasaa waajjira paartii ta’uudhaan magaalaa haaraatti dabalame. Sana booda iddoo amma jiru, Ittigaafatamaa Waajjira Pablik Sarvisii Magaalaa Shaggaritti dhufe jechuudha. Walumaagalatti gaggeessummaadhaan gara waggaa kudhanii hojjadheera.

Bariisaa: Amma gara Shaggaritti dhufneerraatii yeroo ammaa hojiiwwan magaalattiitti raawwatamaa jiran keessaa guguddoo osoo nuuf kaaftanii?

Obbo Cammaraa: Gaariidha. Jalqabarratti Shaggar magaalaa seenaati. Gaafa kana jennu naannawa yeroo ammaa Shaggar jalatti daangeffame kanaaf Oromoon dhiiga hindhangalaafneefi lafeesaa itti hincabsine hinjiru.

Kanaaf hundeeffamni magaalattii gaaffii abbaa biyyummaa Oromoon achirraa qabu kan deebisu qofa osoo hintaane, aadaafi duudhaa Oromoo

naannawa kanatti haphachaa dhufes kan deebisuudha jennee amanna.

Magaalaa kana keessatti safuufi safeeffannaan Oromoo deebi’ee akka lalisu, aadaafi duudhaan Oromoo akka calaqqisu, qonnaan bulaan dur maqaa misoomaatiin naannawa kanatti lafasaarraa buqqa’aa ture lafasaaratti hojiiwwan misooma gara garaa akka gaggeessuufi hojjatee akka duroomuuf hojii guddaatu hojjatamaa jira.

Bariisaa: Hojjataan magaalattii karoora isin Shaggar gara duudhaa ganamaatti deebisuuf qabattan kana hangam deeggaraa jira?

Obbo Cammaraa: Shaggaritti tarkaanfiiwwan aadaafi duudhaa Oromoo deebisuuf hojjataman keessaa inni tokko guutuu magaalattiitti guyyaa wiixataa hojjataan kamuu uffata aadaatiin qofa kan inni tajaajila kenna jiru. Kun kaabinee qofaan kan murtaa’ee osoo hintaane, labsiidhaan baafne.

Torbaanitti guyyaa tokko uffata aadaa qofaan akka tajaajilli kennamu taasifamuun kenna tajaajilaa fooyyessuu keessattis shoora olaanaa waan taphatuufi.

Gama tokkoon uffannaan aadaa kun aadaa ofiitiin boonuufi beeksisuuf gargaara. Gama kaaniin namni uffata aadaa uffatee tajaajila kennu tajaajilicha maallaqaan gurguruuf yoo yaade uffannisaa sun itti ulfaata.

Safuufi safeeffanna Oromoo yaadatee hannaafi tajaajila gurguruurraa akka of qusatu waan taasisuuf uffanna aadaatiin tajaajila kennuun kun faayidaalee lamaan armaan olitti sii kaase kanneen of keessatti kan hammateedha. Hojjataan sadarkaadhaan jiru hundi itti amanee kan fudhateefi hojiirra oolaa kan jiruudha malee waan humnaan dirqamanii itti galanii miti.

Hojjataa yeroo ammaa magaalattiitti mindeeffamee tajaajila kenna jiru yemmuu ilaaltuyyuu warreenuma qabsoo Oromoon gara duudhaa ganamaatti deebi’uuf taasisaa jiru keessa darbaniifi jiran waan ta’aniif dhimma kana garaa guutuun fudhataniiru.

Bariisaa: Gama kenna tajaajilaa fooyyessuutiin Shaggar maal keessa jira?

Obbo Cammaraa: Kenni tajaajilaa akkanumatti akka salphaatti waan ilaallamuu miti. Nama tajaajilamuuf gara waajjiraalee magaalattii tokkoo dhufu dinagdee wayii qabatee dhufa. Kanaaf kenni tajaajilaa akka dinagdee ta’e fudhachuun dirqama.

Erga dinagdee ta’uunsaa hubatamee booda immoo kan fooyyessuu qabnu warreen tajaajila barbaachaaf dhufaniif qofa osoo hintaane, dinagdee achirraa argamu sirnaan sassaabuuf kaayyeffannee ta’uu akka qabu beekamuu qaba.

Kanarraa ka’uun yeroo ammaa waajjiraaleen tajaajilamaan itti baay’atu 17 adda bahanii tajaajilli ‘e-service’ akka jalqabamuuf haaldureen xumuraa jira. Kanneen yeroo ammaa jalqabanis jiru. Waajjiraalee akka dabarsa manneenii, kantiibaa, pablik sarvisii, daldalaa, kaadaastaraafaan tajaajiloota 95 ta’an akka kennanitti yaadamee gara hojiitti galaniiru.

Bariisaa: Kenna tajaajilaa fooyyessuuf humna namaa barbaachisu guutuun murteessaa waan ta’eef gama kanaan Shaggar maal keessa jirti?

Obbo Cammaraa: Humna siviil sarvantii cimaa gurmeessuudhaan Shaggar magaalaa gama hundaan fakkeenyummaa qabdu taasisuuf hojjachaa jirra. Tajaajila fooyya’aa ta’e kennuuf immoo hojjataa ga’oome iddoo barbaachisutti guuttachuun barbaachisaa ta’a.

Bu’aqabeessumaan hojii kamuu keessatti kan mirkanaa’uu danda’u humna namaa baay’inaan mindeessanii hojjachiisuu qofaan osoo hintaane, yeroo yerootti leenjiiwwan dandeettii raawwachiisummaa cimsan kennamaa jiru.

Magaalaan Shaggar kan haaraa hundoofte taatus magaalotni isheen of jalatti hammattee hundoofte isaanuma kanaan dura caasaa mataasaaniitiin bulaa turan yemmuu ta’u, humna namaa guuttachuufi dandeettii raawwachiisummaa cimsuurratti xiyyeeffatamee hojjatamaa jira.

Yeroo ammaa bulchiinsi Magaalaa Shaggar seektaroota 38 ta’an gurmeessuudhaan gara hojiitti kan gale ta’us, baay’ina humna namaa

KEESSUMMAA BARIISAA

“Shaggaritti guyyaa Wiixataatti uffata adaatiin...

seektaroota sadarkaa magaalarraa ka’anii hanga kutaalee bulchiinsa magaalotaafi sanaa gadi jiranii gama humna namaa barbaachisu guutuurratti hanqinni jira.

Sadarkaa bulchiinsa magaalaa Shaggaritti baay’ina humna namaa seektaroota magaalattiitiif barbaachisu keessaa hanga ammaatti kan guutame sadarkaa magaalatti dhibbantaa 32 qofa yemmuu ta’u, sadarkaa kutaalee bulchiinsa magaalotaatti immoo humni namaa amma jiru kan barbaachisu keessaa dhibbantaa 36 qofa.

Raawwii hundeffama magaalattii yeroo gabaabaa kana keessatti jiru yemmuu ilaalamu garuu humna namaa xiqqaa ta’e kanaan hojiiileen bu’aqabeessummaansaanii mirkanaa’e hedduu raawwachuun danda’ameera.

Qaawwa humna namaa kana guutuudhaaf yeroo ammaa seektaroota gara garaarraa namoota ciccimoo eeruudhaan fudhachuufi iddoowwan hojii duwwaa baasuudhaan kutaalee Oromiyaa gara garaarraa dorgomsisnee fudhachaa jirra. Kanaan yeroo gabaabaa keessatti baay’inni humna namaa barbaachisu hundi argamuu baatus baay’ina humna namaa hojii ittiqubbiinsa qabu raawwachuun danda’u gara hojiitti kan bobba’aa jiru.

Shaggar magaalaa haaraa ta’uushee qofa osoo hintaane hojmaattota haaraa hedduus qabatee kan dhufte yemmuu ta’u, kanneen keessaa yaadama magaalaa ‘smart city’ taate dhugoomsuu, humna namaa muraasaan hojii guddaa raawwachuun, waajjiraalee yookiin seektaroota haaraa sadarkaa godinaa yookiin bulchiinsa magaalotaatti hinjirre hundeessuu fakkeenyaaf, waajjiraalee akka saayansiifi teknoloji, waajjira kaadaastaraafi kkf hundeessuudhaan magaalota kaaniif fakkeenya ta’aa jirti.

Namoonni Magaalaa Shaggaritti mindeeffamanii hojjachuun qaban dhalatoota naannawa ishee qofa osoo hintaane ogeeyyoota hoggantoota guutuu Oromiyarraa maddaniin yemmuu ta’u, sababnisaa Shaggaritti kan qabsaa’e dhalatoota guutuu Oromiyaa waan ta’eefi.

Magaalaan Shaggar bal’inaan akka biyyaatti magaalaa lafa bal’aafi waliigalaan lafa hektaara kuma 160 ta’urratti hundoofte yemmuu taatu, lafa bal’aa kana misoomsuufi hogganuun walqabatee rakkoon bulchiinsa gaarii jiraachuu akka malu ilaaluun salphaadha.

Waajjiri Sivil Sarviisii Bulchiinsa Magaalaa Shaggaris sochii hojjatoota seektaroota magaalattiitiif barbaachisan guutuun walqabatee seektaroota dursi kennamuufi qabaniifi maamiltootni itti baay’atan adda baasee dursa kennuufin humna namaa isaan barbaadan guutaafi hojjatamaa kan jiru yemmuu ta’u, waajjirroota akka waajjira lafaa, fayyaa, faayinaansiifi kanneen maamiltootni itti baay’ataniifi rakkoo bulchiinsa gaariitiif karaa banan irratti xiyyeeffatamee hojii humna namaa guutuu hojjatamaa jira.

Bariisaa: Rakkooolee bulchiinsa gaarii mul’ataniif furmaata akkamii kennaa jirtu?

Obbo Cammaraa: Rakkoo bulchiinsa gaarii seektaroota Magaalaa Shaggaritti mul’ataniif furmaata qorannoorratti hundaa’etu kennamaa jira.

Haa xiqqaatus haa guddatus bulchiinsa magaalaa haaraa hundaa’aa jirtuufi reefu humna namaa sadarkaa barbaachisutti guuttattee hinxumurretti rakkooolee bulchiinsa gaarii uumamuun waan hinoolleedha.

Kun immoo waan akkanumatti sirreeffama siyaasaatiif yookiin afaanuma bareechifachuuf dubbannu osoo hintaane, waan qo’annoodhaanis adda bahe ta’uu hubachuun barbaachisaadha.

Qo’annichis kutaalee magaalota saddeetiifi gandoota 15tti kan adeemsifame yemmuu ta’u, qo’annoo kana qo’annoowwan yeroo adda addaatti baramanirraa wanti adda isa taasisu gadifageenyaa haala guyyaa guyyaa fayyadamaa hirmaachiseen kan adeemsifame ta’uusaati.

Bu’aa qo’annichaatiin seektaroota tajaajilamaan itti baay’atu 16 adda baasuun kan danda’ame yemmuu ta’u, kanaan dhimmoota rakkoo kanaaf sababa ta’aa jiraniifi gaaffiilee deebii argachuu hindandeenyes adda bahanii akka tarra’an taasisameera.

Dhimmi biraa, rakkooolee qo’annoodhaan adda bahan sunuu qaamolee lamaaf kan adda qoodamee ilaallame yemmuu ta’u, kunis rakkooolee gaaffiilee dhihaatan keessaa kan alaafi keessoo maal akka ta’an ifatti addaan baafamaniiru.

Kana qofa osoo hintaane qorannoo kanaan rakkooolee bulchiinsa gaarii tajaajilaan walqabatan jiraachuu qofa osoo hintaane, maddi rakkooolee kanneenii maal akka ta’anis haala agarsiisuu danda’uun kan adeemsifame waan ta’eef maddoota rakkinnichaas ifatti kaa’uun danda’ameera.

Kanaan maddeen rakkoo kanaa, rakkooolee ilaalchaa raawwataa bira jiru, haala barbaachisuun dhiheenyaatti hoggansa sirrii kennuu dhabuu qaamolee hoggansaa, istaandardii qopheessanii haala inni eeyyamuun hojjachuun dhabuufi sababootni biroo tajaajila bulchiinsa magaalattiifi kutaalee magaalota itti quufiinsa tajaajilaa maamiltootarratti hanqinni akka ture adda baasuun danda’ameera.

Kana booda tarkaanfiin ittaansuudhaan fudhatame rakkooolee gaaffiilee qorannoodhaan adda bahan kanneeniif seektarri kam, maal furuu akka danda’u erga adda baafameen booda, seektarootni dhimmichi ilaallatu hundi karoora ittaanu keessatti akka dhimma ijoo tokkootti qabatanii furmaata waaraa akka kennaniif kallattiin kaa’ameera.

Hojiin guddaafi murteessaan erga qo’annoo gaggeeffamee tajaajiloota bulchiinsa magaalattii kennaa jiru tokko tokkoratti ittiqubbiinsa maamilaa akka hinjirre adda bahee booda tarkaanfiwwan fudhataman keessaa inni guddaan seektaroota 16 rakkoon kun itti mul’ate qaamolee hogganan faana waliigaltee mallatteessine.

Waliigaltichi bakka kantiibaa ittaanaan kilaastara tajaajilaa argamanitti seektaroota rakkoon bulchiinsa gaarii keessatti mul’atan waliin kan mallattaa’e yemmuu ta’u, qabiyyeensa ijoo tokko tokkoon seektaroota kanneenii rakkooolee tajaajilasaaniitiin walqabatee mul’ate yeroo akkasiitti ni furra jedhanii kan waadaa ittigalanii, yoo furuu dadhabanis akka ittigaafataman waliigaltee kan itti seenaniidha.

Waliigalticha mallatteessuu duwwaa osoo hintaane, koree dhimmicha dhiheenyaan hordofu tokko, kan koree taaksi foorsii kenna tajaajilaa jedhamu hundeessine hojii seektarootni kunniin raawwachaa jiran sirnaan akka hordofu gochuun danda’ameera.

Gama biraatiin Shaggar qulqullina hojii mirkaneessuufi ragaa barnootaa sobaa saaxiluufis ragaa barnootaa hojjatootashee walitti funaantee sakatta’aa jirti.



Rakkoowwan kenna tajaajilaatiin walqabatanii uumamaa jiran keessatti gaheen ragaa barnoota sobaa isa olaanaadha. Nama muuxannoofi qophii barnootaa barbaachisu hinqabnetu ragaa barnoota sobaatiin iddoo qabatee waan jiruuf.

Rakkoo gahumsaan waa raawwachuun dadhabuun walqabatee sadarkaaalee garaa garaatti mul’atuufis sababnisaa qophii barnootaa gahaa iddoon itti tajaajila kennan sun barbaadu qabaachuu dhabuurraa kan madduudha.

Kanaaf hojiiin kennaawwan tajaajilaa seektarootatti mirkaneessuuf hojjatamu kamuu dursa kan kennee hojjachuun qabu dhimma ragaa barnootaa sobaa to’achuurratti ta’uu qaba. Kutaaleen magaalaa Finfinnee marsanii jiraniifi yeroo ammaa caaseffama bulchiinsa magaalaa Shaggar jala galan tanaan duras gama kanaan maqaa gaarii waan hinqabneef yeroo ammaa hojiiin sakatta’iinsa ragaa barnootaa akka jalqabamuuf sochiin eegalameera.

Dhimmi ragaa barnoota sobaa to’achuufi saaxiluu kun akka bulchiinsa magaalaa Shaggar qofatti osoo hintaane, yeroo ammaa ajandaa biyyattii isa guddaadha. Kanarraa ka’amee akkuma Oromiyaattuu barana hojiiin ragaa barnoota sobaa qulqulleessuu kun dhibbantaa 50 akka raawwatamuuf waan kallattiin kaa’ameef hojiiwwan dhimma kanaan walqabatanii sadarkaa magaalichaatti hojjatamanis bu’uura kanarra dhaabataniiti.

Haaluma kanaan yeroo ammaa sadarkaa magaalatti namoota dhaabbilee barnoota olaanaarraa digriisaanii kan jalqabaafi lammataa argatan walitti sassaabaa kan jirru yemmuu ta’u, hanga ammaatti seektaroota Shaggaritti argaman keessaa kan 17 walittiqabuun danda’ameera. Kun seektaroota sadarkaa kutaa magaalattiitti argamanis kan dabalatuudha.

Hojiin ragaalee barnootaa qulqulleessuuf walittiqabuun kun hojmaata mataasaa kan qabu yemmuu ta’u, haaluma kanaan kan dhaabbilee barnoota mootummaafi dhaabbilee barnoota olaanaa dhuunfaa keessatti barate bifa ragaafi ragaa qofarratti hundaa’een kan calalamu ta’a.

Ilaalchi kanaan dura biyya kanatti barama namni dhaabbilee barnoota olaanaa dhuunfaatti barate akka waan ragaan barnootaa sobaa itti baay’atuutti ilaaluudha. Garuu namni dhaabbilee barnoota dhuunfaatti barateefi achirraa digriisaa argate hundi foorjiidha jechuun hindanda’amu. Haaluma walfakkaatuun namni

dhaabbilee barnoota mootummaarraa digriisaa fudhate digriisaa mirkanaa’eera jechuun hindanda’amu.

Kanaafuu namni tokko dhaabbilee barnoota olaanaa mootummaa ykn dhuunfaatti baratee ragaansaa ittiin mindeeffame walittiqabamee akka sakatta’amudha kallattiin kan kaa’ame. Nuti immoo akka bulchiinsa magaalatti ragaalee barnootaa namootni ittiin mindeessa raawwatan kana ofuma keenyaaf asitti sakattaana osoo hintaane, walittiqabnee gara naannooti kan erginu ta’a.

Wanti guddaan ragaa barnoota sobaa kana qulqulleessuutiin walqabatee ka’aa jiru ulaagaafi mala ragaaleen sobaa ittiin mirkanaa’an yemmuu ta’u, yeroo ammaa Ministeerri Barnootaafi Komishiiniin Pablik Sarviisii Federaalaa pilaat formii ragaalee sobaa adda baasuuf gargaaran qopheessaa akka jiran odeeffannoo qabna.

Akka keenyatti garuu hojiiin nurraa eegamu ragaalee barnootaa sadarkaa magaalaa keenyaatti jiran sassaabnee gara qaama dhimmi ilaaluutti erguu duwwaadha.

Akka waliigalaatti yemmuu ilaallu, ragaalee barnoota sobaa, rakkooolee kenniinsa tajaajilaatiin walqabatanii jiraniifi hanna lafaatiin walqabatanfaa walitti dabaltee yemmuu ilaallu, magaalaa Shaggar iddoo kuufama komiin ummataa itti baay’atuudha jedhanii ibsuun ni danda’ama.

Magaalonni duraanii hundi rakkooolee dur kophaa kophaasaaniitti qaban osoo hinhiikkanne magaalaa tokko jalatti waan gurmaa’aniif komiin ummataa kuufame akka jiraatu tilmaamuun salphaadha.

Bariisaa: Ani gaaffiilee koo xumureeraa isin waan dabaltaa yoo jiraattan!

Obbo Cammaraa: Wantin dabaluu yoo jiraate, ilmaan Oromoo kutaalee Oromiyaa gara garaa keessa jiraniifi Shaggar dhufanii hojjachuuf fedhii qaban hundi magaalaa Oromoon fedhii addaa irraa qabuufi aarsaa hedduu itti kanfale tanatti dhufanii, dalaluun, dorgomanii caasaa mootummaa keessa galuufi dameewwan hojii gara garaa keessatti hirmaachuu akka danda’an waamicha gochuun barbaada.

Bariisaa: Yeroo bal’aa nuu kennitaniif ulfaadhaa!

Obbo Cammaraa: Isinis galatoomaa!

Qarreefi Qeerroo



Dargagoo Lalisaa Daani'eel



Dargagoota Alataa Wandootti hojii tola ooltummaarratti hirmaatan keessaa

“Tajaajila tola ooltummaa daangaa ce’e kennuun hariiroo hawaasaa daran cimsuu keessatti gahee olaanaa qaba”

- Dargagoo Lalisaa Daani'eel

Natsaannat Taaddasaatiin

Dargagoo Lalisaa Daani'eel Guutamaa Naannoo Oromiyaa, Godina Qellem Wallaggaa, Magaalaa Dambi Dollootti dhalatee guddate. Barnootasaa sadarkaa tokkoffaafi lammaffaa bakkuma dhalootasatti baratee xumure.

Barnootasaa digrii tokkoffaafi lammaffaa Falaasamaan Yunivarsitii Finfinneerraa eebbifamuun Yunivarsitii Dambi Dollootti bariisummaan mindeeffamee hojjechaa jira. Dargagooon kun yeroo ammaa hojii tola ooltummaafi tajaajila hawaasummaarratti hirmaachuun Naannoo Sidaamaa, Aanaa Alataa Wandootti dargagoota naannawaa waliin ta'uun tajaajila gara garaa kennaa jira. Gaafdeebii Gaazexaan Bariisaa dargagoo kana waliin keessumaa dhimma tajaajila tola ooltummaafi hawaasummaarratti taasisse akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Bariisaa: Hojii tola ooltummaarratti akka hirmaattuuf maaltu sikakaase?

Lalisaa: Barsiisaan Yunivarsitii tokko dirqamoota sadii qaba. Isaanis baruufi barsiisuu, qo'annoofi qorannoo adeemsisuufi hojii tola ooltummaa hojjechuudha. Kanaafuu tola ooltummaan hojii dirqama narraa eegamuudha. Akaakuun barnootaa baradhes hojii tola ooltummaan walqabata. Tola ooltummaan hojii namni barate tokko beekumsaafi ogummaa horateen kaffaltii tokko malee hawaasa tajaajiluudha. Hojiin kun qo'annoofi qorannoo rakkoolee hawaasummaa furan adeemsisuus of keessatti qabata.

Hojiin tola ooltummaa namni kamuu raawwachu danda'u ammoo tajaajilli hawaasummaa jedhama. Tajaajilli hawaasummaa namoota rakkatan gargaaruu, harkaqaal'eeyyiif mana ijaaruu, namoota daaran daara baasuu, namoota beela'an nyaachisuu, namoota dhukkubsatanii mana yaalaa dhaquu dadhabanii daandiifi manasaanii ciisan gara mana yaalaatti geessuun yaalchisuu, namoota balaa uumamaafi namtolcheef saaxilaman gargaaruufi tajaajilu of keessatti qabata.

Hojii tola ooltummaa kanarratti utuu hinhirmaatiin dura leenjii marsaa 10ffaa Ministeerri Nageenyaa Yunivarsitii Hawaasaatti ji'a tokkoof kenne fudheera. Leenjichi mataduree 'Sagantaa Tajaajila Tola Ooltummaa Dargagoota Biyyaalessaa Itoophiyaa ('Ethiopia national voluntary youth service program' jedhuun kennameera.

Bariisaa: Qabiyyeen leenjii Yunivarsitii Hawaasaatti isiniif kennamee maaliratti xiyyeeffata?

Lalisaa: Leenjii Yunivarsitii Hawaasaatti dargagootaan dargagootaaf kenname dargagooonni akkamitti tajaajila tola ooltummaa akka kennaniifi jiruufi jireenyasaanii jijjiiruu akka

danda'anirratti hubannoo bal'aa akka argannu taasiseera. Leenjichi matadureewwan guguddaa sadiifi kaayyoowwan ijoo sadii kan qabu yoo ta'u, qabiyyeensaa ammoo hojii tola ooltummaarratti xiyyeeffata.

Kaayyoowwan leenjichaa keessaa tokko nageenya waraa karaa dargaggeessa yaada gaarii (sammuu qarome) qabuun mirkaneessuudha. Hojiin nageenya waraa mirkaneessuu kun dargaggeessa xiinsamuu gaarii qabu baay'inaan horachuudhaan dhugooma. Sadarkaa yaadaan namni bakka lamatti qoodama. Isaanis namoota uumamaan waan gaarii yaadaniifi kanneen waan hamaa yaadaniidha. Yaadonni hamaan gara gochaatti yeroo jijjiiraman balaa guddaa fidu.

Uumamaan namoonni waan gaarii gochuutti gammadaniifi waan gaarii gochuuf aarsaa guddaa kaffalan jiru. Namoonni akkasii namoota yaada gaarii qaban (positive thinker' jedhamu. Faallaa kana ammoo uumamamaan namoonni waan hamaa yaaduufi gochuutti gammadan, waanti hamaan yoo raawwatamu kalfan jiru. Namoonni akkasii uumamaan namoota yaada hamaa qaban ('negative thinker') ta'aniidha.

Nageenya walittifufiinsa qabu mirkaneessuuf dargagoota yaada gaarii qaban baay'inaan horachuun barbaachisaadha. Leenjichi ijaarsa karaa nageenya waraa mirkaneessuun danda'amurrattis hubannoo bal'aa nuuf kenneera. Nageenya waraa mirkaneessuuf sammuu dargagootaa misoomsuufi dhaloota hojii kamirrattuu dorgomaa ta'e baay'inaan horachuun barbaachisaadha. Dhaloota dorgomaa ta'uuf ammoo naannawaa mijataa ('comfort zone') keessaa ba'uun dirqama ta'a.

Rakkoo nu mudate keessaa ba'uuf jalqaba rakkiniicha adda baasuu qabna. Isa booda filannoowwan furmaata ta'u jennee yaadnu hunda tarreessuu qabna. Filannoowwan furmaata tarreeffanne keessaa kanneen daran furmaata ta'uu danda'an adda baasuun qabatamaan hojiirra oolchuudhaan qabatamaan jijjiirama fiduu akka dandeenyu leenjicharraa hubanneera.

Ijaarsi sabaas karaa nagaafi waliigaltee biyyaalessaa raawwatamuu akka qabu leenjicharraa hubanneera. Kun ammoo waliigaltee biyyaalessaa mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa qaba. Waliigaltee biyyaalessaa uumuun ammoo dhaloota dhimma biyyaarratti kaayyoofi ejjennoo walfakkaataa qabu horachuuf gargaara akka leenjicharraa hubanneetti.

Biyyoota boodatti hafoo keessa gad jedhanii isa biraa tarkaanfachiisuun hinjiru. Yaada hamaa gochatti jijjiiruun mallattoo duubatti hafummaati. Yaadni hamaan akka amantiitii fudhatama hinqabu. Kaayyoon leenjichaa inni guddaan yaada hamaa ykn boodatti hafaa ta'e yaada gaariin bakka buusuufi aadaa nageenyaa sammuu namaa keessatti ijaaruun nageenya waraa mirkaneessuudha.

Bariisaa: Hubannoofi barnootni leenjicharraa argatte hojii tola ooltummaa raawwachaa jirturratti hangam sigargaareera?

Lalisaa: Hubannoofi barnoonni leenjicharraa argadhe hojii tola ooltummaan raawwachaa jiruuf galaa naa ta'eera. Hojii tola ooltummaa kana damee barnootaa baradheetiin ta'e humnaafi yeroo koo aarsaa gochuun hojii hawaasa tajaajilu kennaan jira. Hojii tola ooltummaa kana ja'oota ja'aaf hojjechuuf Ministeera Nageenyaa waliin waliigaltee taasifneerra. Bakkan itti ramadamee hojjechaa jiru ergan dhufee ji'a lama xumureera.

Hojiin tola ooltummaa kana karaa lamaan kenna jira. Inni jalqabaa kallattii barnoota kootiin yoo ta'u, lammaffaa ammoo hojiilee tajaajiloota hawaasaa mirkaneessan kamirrattuu hirmaachuudhaani. Kallattii damee barnoota kootiin ergan bakka kana dhufee qo'annoofi qorannoo rakkoolee hawaasa naannawaa qabatamaan furan hojjeedhee xumuree bu'aa qorannochaa qaama dhimmi ilaallatuuf dhiyeessuuf qophii xumureera.

Hojiin koo ittaanu dargagoota naannawaafi qaamolee qooda fudhattootaa biroo waliin ta'uun namoota harkaqaal'eeyyiif mana ijaaruu, kan daaranii uffata walittiqabnee uffisuu, warra waan nyaatan hinqabneef nyaata walittiqabnee deeggaruu, bakka rakkoon daandii jirutti daandii ijaaruufi biqiltuuwwan dhaabuufi kunuunsuudha.

Nuti dargagooonni Ministeera Nageenyaatiin leenjinee asitti ramadamne dargagoota naannawaa kakaafnee hojii tola ooltummaarratti hirmaachuun dura rakkooleen hawaasa naannawaa maal akka ta'an qorannee adda baafanne. Isa booda qaamolee rakkoolee adda bahaniif furmaata kennuu danda'an adda baafanna. Isa booda gara qaamolee dhimmichi ilaallatuufi dargagoota naannawaa hirmaachisuun rakkoolee qorannoon adda bahan furuutti seenna.

Hojiin biqiltuu dhaabuufi kunuunsuu akkasumas hojiileen tajaajila hawaasaa mirkaneessan guyyaa guyyaan raawwachaa jirra. Hojiin kun ulfaataa ta'us fedhii guddaafi miira gammachuutiin hojjechaa jirra.

Bariisaa: Tola ooltummaa daangaa naannoo ce'e kennuun hariiroo hawaasaa cimsuufi aadaa saba biraa baruu keessatti faayidaa akkamii qaba?

Lalisaa: Tajaajila tola ooltummaa daangaa naannoo ce'e kennuun hariiroo hawaasaa daran cimsuufi aadaa saba biraa akka barru taasisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Bakka itti dhalatanii guddatan dhiisanii naannoo biraa deemanii hojjechuun utuu hojii kamuu hinfilatiniifi hintuffatin gadijennee akka hojjennu gochuun ilaalcha hojii tuffachuufi filachuu keenyaa cabsuuf gargaara.

Hojiin tola ooltummaatiif bakkawwan gara garaatti

ramadamnee hojjechuun beekumsa, ogummaa, muuxannoofi aadaa keenya hawaasa naannawaa sana jiraatuuf akka qoodnuufi kan isaanii ammoo akka irraa qooddannoof nu gargaara. Akkasumas afaaniifi haala jiruufi jireenya hawaasarraa waan hedduu akka barannuuf keenyas akka qoodnuufiif gargaara.

Leenjii Ministeerri Nageenyaa Yunivarsitii Hawaasaatti nuu kenne waan gaarii akka yaadnuufi raawwannuuf sammuu keenyatti waan fe'eera. Qabiyyeen leenjichaa gabaabumatti aadaa nageenyaa ijaaruu, nageenya waraa mirkaneessuu, dhaloota mindeeffamee hojjechuurrattis ta'e hojii dhuunfaasaa ummatee hojjechuurratti dorgomaa ta'e baay'inaan horachuu, ijaarsa sabaas karaa waliigaltee biyyaalessaa mirkaneessuufi dhaloota qaruurratti xiyyeeffata.

Bariisaa: Hojii tola ooltummaarratti hirmaachuun faayidaa maalii qaba?

Lalisaa: Hojii tola ooltummaarratti hirmaachuun gammachuufi boqonnaa sammuu namaa kenna. Yeroo hawaasa keessa jiraanuufi naannawaa jiraannutti waan gaarii hojjennu keessa keenyatti nagaafi gammachuu guddaa arganna. Tola ooltummaan dhala namaa rakkate gargaaruu qofa utuu hintaane bineensotaafi uumama biroo eeguufi kunuunsuus of keessatti hammata.

Tola ooltummaan nama hojii tola oolees ta'e nama hojii sanaan gargaarameef gammachuu guddaa kenna. Tola ooltummaan nama birattis ta'e Waaqa biratti hojii jaallatamaafi eebbifamaadha. Bineensa laaqii keessatti qabamee ba'uu dadhabe achi keessaa baasanii bilisummaan akka socho'u gochuunillee tola ooltummaadha. Hojiin kun sammuu namaa keessatti gammachuufi nagaa guddaa uuma. Tola ooltummaa sammuu garee gargaaruufi gargaaramuu keessatti gammachuu guddaa uuma waan ta'eef hundumtuu hojicharratti utuu hirmaate gaariidha ergaa jedhun qaba.

Bariisaa: Dhumarratti dargagootaaf ergaa yoo qabaatte?

Lalisaa: Dargagooonni waan humna qabaniif waan barbaadan hojjetanii agarsiisuu danda'u. Dargagooonni hojjetanii ofiifi maatiisaanii akkasumas biyyasaanii jijjiiruuf karoora qabatamaan hojiitti jijjiiruu danda'an baafatanii hojiirra oolchuu qabu. Namni mindeeffamee hojjetu qarshii kan argatu ji'atti. Hojii dhuunfaasaa kan hojjetu garuu guyyaa guyyaan bu'aa qarshii argatuu lakkaa'a waan ta'eef dargagooonni mindeeffamanii hojjechuurra hojii dhuunfaasaanii uumachuurratti akka xiyyeeffatanan gorsa.

Abbaa Sa'aa

“Labsii investimantii mootummaan jijjiiramaa baase qonna mala aadaarraa gara warshaa nyaataa dhuunfachuutti akkan ce’u na taasiseera”

- Obbo Gabree Gurmuu



Suurri: Gabaaboo Gabreetiin

Waasihun Takileetiin

Jaarraa tokkoo oliif qonnan bulaan lafasaarratti abbummaa dhabuun maqaa ciisenyaa jedhamutti moggaasuun qabeenyasaarratti irboo safaraa omishaasaa saamamaa qabiyyeessaarrattis hogganuu dhabuun deegaaf gadadon waxalamaa tureera.

Sirni sirna nyaatee mootummaan jijjiiramaa bu’aa qabsoo hadha’aa qeerroofi qarree ta’e qonnaan bulaan lafasaarratti abbummaa akka qabaatu qabeenya horatee gara investimantiitti akka cehu labsii baaseen qonna mala aadaarraa gara makaanaayizeeshinii qonna ammayyaa babal’isuu darbees qonnaan bulaan qabeenya horatee gara investimantiitti akka ce’uuf haalli mijataa uumamaa tureera.

Imaammanni ce’umsa qonnarraa gara investimantiitti taasifamu deeggaru kun akkaan babal’achuusaatiin guutummaa biyyaatti fayyadamummaan qonnaan bulaa dabalaa kan jiru yoo ta’u, keessumaa akka Oromiyaatti jijjiiramni qonnaan bulaa dinagdeen humneessuufi gara investimantiitti ceessisuu godinaalee garagaraa keessatti galmaa’aa jiru kan nama jajjabeessuudha.

Mootummaan jijjiiramaa gara aangootti dhufuun walqabatee xiyyeeffannoon damee qonnaaf kennamu dachaan waan dabaleef lakkoofsi qonnaan bultoota qonna ammayyaa fayyadamaniifi gara investimantiitti ce’anii godinaalee gara garaatti heddummaachaa kan jiru yoo ta’u, barana akka Godina Shawaa Bahaatti qonnaan bultoonni 400 ol kaappitaala gurguddaa galmeessisuun investimantiitti cehaniiru.

Obbo Gabree Gurmuu qonnaan bulaa jiraataa magaalaa Adaamaa yoo ta’an, Akka Godina Shawaa Bahaatti qonnaan bultoota gara investimantiitti ce’an 400 keessaa isaan tokko.

Dhalatanii kan guddatan Magaalaa Adaamaa, Kutaa Magaalaa Dambalaa, Aanaa Malkaa Adaamaatti. Maatiinsaani ganamumaa ka’anii hojiilee misooma qonna kan akka xaafii, qamadii, qullubbii, timaatimaafi kuduraalee gara garaa omishuun jireenyasaanii gaggeessaa turaniiru.

Obbo Gabreen barnootasaanii cinatti maatiisaanii gargaaraa hanga barnootasaanii yunivarsiiti xumuranitti harka tokkoon barnoota, kaaniin qonnaan maatii deggeraa injinariingii ijaarsaatiin eebbifamuu kaasu.

Ka’umsisaanii qonna mala aadaatiin gaggeeffamaa ture ta’uu kaasanii, galteewwan qonnaasaanii fooyyessuun omishaafi omishtummaasaanii dachaan dabaluu sadarkaa tiraaktara bitachuurra qaqqabuu ibsu.

Duubarra makaanaayizeeshinii qonna ammayyaa babal’isuun callaansaani dachaan dabalaa fayyadamummaansaaniis guddachaa dinagdeen of ijaaruu qonnaan bulaa adda



duree ta’aniiru. Adeemsa keessa laftisaanii lafa magaalaa jala waan galeef investimantiin abbaa qabeenyaaf yoo dabarfamu imaammata investimantii mootummaan jijjiiramaa baase bu’uura godhachuun beenyaa olaanaa isaaniif kennamuu danda’eera.

“Beenyaa nuu kaffalame sana osoo hinballeessiin baankiirraas itti dabalannee loodara bitachuun barnoota baradheen deeggaramee gara misooma ijaarsaaleerrattin bobba’e” kan jedhan Obbo Gabreen dinagdeensaani dachaan dabalaa cimaa deemuu kaasu.

Hojiisaanii ijaarsaa cimsuun maallaqas argachaa kan dhufan qonnaan bulaan kun, lafasaanii haferratti gara investimantiitti akka ce’anii bu’uura buuseeraaf.

Kaappitaala gahaa galmeessisuun heyyama investimantii lafasaaniiratti baafachuun warshaa dhuunfaasaanii banachuus eeranii, imaammanni investimantii mootummaa jijjiiramaatiin hojiirra oole qonnaan bulaa ta’e abbootii qabeenyaa fayyadamaa taasisaa jira jedhu.

Isaanis qonnaan bultoota 400 akka Godina Shawaa Bahaatti investimantiitti ce’an keessaa isaan tokko yoo ta’an, jijjiiramni mootummaa jijjiiramaatiin galmaa’aa jiru qonnaan bulaan lafasaarratti abbummaa akka qabaatu qabeenyas horatee investimantiitti ce’uu akka danda’uuf haala mijataa uumuufi kaasu.

Warshaansaani Magaalaa Adaamaa, Kutaa Magaalaa Dambalaa, Aanaa Malkaa Adaamaatti kan argamu yoo ta’u, warshaa nyaanniwwan gara garaa itti omishamaniifi maqaa “Gabree Gurmuu Food Complex” jedhama.

Yeroo ammaatti ijaarsi warshichaa guutummaatti kan xumurame yoo ta’u, walakkeessa 2017tti omishni akka jalqabamuufi qophaa’ummaan jiru olaanaa ta’uu kaasaniiru.

Warshaa nyaataasaanii kana keessatti daakuu boqqolloo, qamadii gabaaf dhiyeessuuf kanamalees paastaa, makoronii, buskutiifi daaboo omishuun gabaa tasgabbeessuufi

dinagdeesaanii cimsuuf cichanii hojjetaa jiru. Warshaa nyaataatiin ala ijaarsi warshaa zayitii nyaataas xumuramaa kan jiru yoo ta’u, baasii humnaa olii omishaalee zayitii nyaataafi dhiyeessiilee akka paastaa, makoronii, daakuu, alaa galchuuf bahu biyya keessatti omishuun baraarufi gabaa tasgabbeessuun lammiileef gahuu kan kaayyeffateedha.

Warshaaleen kunniin lameenuu walakkeessa bara hojii 2017 guutummaatti hojii kan eegalan yoo ta’u, warshaafi ijaarsawwan kanneen keessatti carraa hojii namoota hedduuf banuullee danda’aniiru.

Yeroo ammaa hojjetoota 107’f hojii dhaabbataa hojjetoota 220 oliifimmoo kan yeroo bananii hojjechiisaa kan jiran yoo ta’u, warshichi guutummaatti hojiitti akka galeen carraan hojii hojhdhabdootaaf banamu dachaan akka dabaluu kaasaniiru.

Ilaalcha kanaan dura tureen qonnaan bulaan xiyyeeffannoo dhabuun lafasaarratti abbummaa dhabee deegaafi hiyyumaan nyaatamaa turuu kan kaasan Obbo Gabreen, sirni jijjiiramaa amma hojiirra jiru eenyuntuu hojjetee akka of jijjiiruuf haala kan miyeessu ta’uu dubbatu.

Labsiin investimantii hojiirra jiru abbaa qabeenyaan alatti qonnaan bulaan lafasaarratti akka misoomsu haala kan miyeessu waan ta’eef, lafti qonnaan bulaa investimantiin yoo fudhatames beenyaa gahaa kennamuun of jijjiiruu akka danda’u kan taasisudha.

Kanaafimmoo nuti ragaadha kan jedhan Obbo Gabreen, akka Godina Shawaa Bahaatti qonnaan bultoota investimantiitti ce’an keessaa tokko ta’uu eeru.

Galii hojilee misoomaa gara garaarraa argataniin daran fayyadamaa jiraachuu kaasanii, jaalala lammiisaaniif qaban ibsachuufis qe’ee qonnaan bulaa itti dhalatan keessatti mana barumsaa oolmaa daa’immanii sadarkaasaa eeggate qarshii miliyoona 35 oliin ijaarsisaanii misooma barnootaa keessattis qoodasaanii bahataa jiru.

Qonnaan bulaan investimantiitti ce’uun dinagdee dhuunfaasaa cimsuun ala wabii dinagdeefi hawaasummaa biyyaa akka ta’u

kan isa taasisu waan ta’eef imaammatachi kan jajjabeeffamudha.

Dhaloonni darbe carraa barnoota ammayyaa dhabuusaatiin miidhamaa tureera. Kanaafuu, nuti warri bayyananne dhaloota duuba jiruuf haala mijataa uumuuf dirqamni lammummaa guddaa nurra jira kan jedhan Obbo Gabreen, bu’uuraalee misooma gara garaa keessatti harka ofii diriirsanii wabii hawaasa ofii ta’uun murteessaa ta’uus nikaasu.

Jaarraan amma keessa jirru qonnaan bulaan lafasaarratti abbummaa akka qabaatu misoomsees investimantiitti akka ce’u haala kan miyeessu waan ta’eef ittifayyadamuun murteessaadha.

Keessumaa malli qonna duubbatti hafa humna qonnaan bulaa keenya nyaataa tureera kan jedhan Obbo Gabreen, hojiirra oolmaan makaanaayizeeshinii qonna ammayyaa fooyya’aa deemuun ammallee kan cimuu ta’u dubbatu.

Guutummaa Oromiyaatti ittifayyadamni makaanaayizeeshinii qonna ammayyaa babal’ataa deemuusaatiin galiin callaas dachaan dabalaa jiraachuu argaa jirra.

Kun kutannaa mootummaan jijjiiramaa qonnaan bulaa fayyadamaa taasisuuf qabu olaanaa ta’uu agarsiistuu guddaadha. Gama misooma qonnaan bulaan ammallee mala aadaatiin qonna qotaa kan jiru hedduu ta’uu kaasanii, keessumaa aadaan qonna kilaastaraa gabbachaa deemuun barbaachisaa ta’uu ibsu.

Qonni kilaastaraa babal’achuun qonni keenya akka ammayyaa’u dhiyeessiwwan qonnaa haalaan akka guutamaniif kanamalees ittifayyadamni teknolojii qonnaa akka gabbatu haala kan miyeessuudha.

Bu’uuruma kanaan qonni keenya ammayyaa’aa deemuun callaan keenya dachaan akka dabaluu kan taasisu yoo ta’u, dinagdeen of ijaaruu ce’umsi gara investimantiitti taasifamu akka milkaa’u kan taasisuudha.

Waalumaagalatti imaammata investimantii mootummaan jijjiiramaa baasee hojiitti seenee jiru qonnaan bulaa kan jijjiiru, investimantiitti kan ceessisu ta’uusaan qonnaan bultoonni hedduu fayyadamaa ta’aa waan jiraniif carraa kanatti fayyadamuun ofiifis biyya ofiifis bu’uura buusuuf cimsanii hojjechuun barbaachisaadha.

Obbo Gabreen akka Godina Shawaa Bahaatti qonnaan bultoota mala aadaatiin qotuurraa gara makaanaayizeeshinii qonna ammayyaatti ce’uurra darbuun warshaalee gara garaa dhuunfachuun tarree investimantiitti keessa kan hiriiran, lammiilee hedduuf carraa hojii uumuun alatti tajaajila hawaasaa gara garaas laachuun aantummaasaanii qabatamaan agarsiisaafi kutannaan hojjennaan jijjiiramuun akka danda’amu ifatti mul’isaniiru.

Ilaamee...

Fooyyessa Dinagdee Gooroo: Sirna bulchiinsa sharafa alaa ammayyeessu

Jiruu Qananiitiin

Galii dinagdeen maddisiisu karaa haqaqabeessa walitti qabuun hojiilee misoomaa adda addaaf olfama. Fooyyessa taasifame kanarratti Ministira Muummee Abiyi Ahmad (PhD) dabalatee ministiroonni dhimmi ilaallatuufi Baankiin Biyyaaleessaa Itoophiyaa ibsa bal'aa kennaniiru.

Fooyyessa dinagdee fayyadama gabaa walabaatiif ulaa bane

Haaluma kanaan Fooyyessi Dinagdee Gooroo Itoophiyaan taasiste zoonii Daldala Walabaa Afrikaa dabalatee gabaa Idiladdunyaatti akka fayyadamtu taasisa jechuun ibsan Ministirri Muummee Itoophiyaa Abiyi Ahmad (PhD). Fooyyessichi irraakeessa osoo hintaane gadifageenyaa ilaalamuu akka qabus eeran.

Fooyyessi kun jijjiirama biyyaaleessaa hordofuun qajeelfamoota yaadrimee misoomaa falaasama ida'amuurratti hundaa'uun ta'uu himanii, murteewwan barii jijjiiramaa mootummaan murteesse keessaa inni tokko dinagdee Itoophiyaa hirmaannaa damee dhuunfaaf banaa taasisuudha.

Adeemsa sana boodaatiin keessumaa akkaataa fooyyessa dinagdee mandhalee jalqabaatiin amma tokkos ta'u dinagdee seektara dhuunfaaf walaba taasisuudha. Haaluma kanaan Fooyyessi Dinagdee Gooroo haaraa miti. Fooyyessi dinagdee mandhalee jalqabaa qormaata dandamachuun bu'aalee hedduu galmeessiseera.

Biyyoota Afrikaa dinagdee guddaa dhugoomsan keessaa dinagdeen Itoophiyaa qofti cufaa ture. Haala qabatamaa amma jiruun akkaataa kanaan dinagdee bu'aaqabeessa taasisuun hindanda'amu.

Itoophiyaan dinagdeeshee cuftee zoonii daldala Afrikaa dabalatee gabaa idiladdunyaatiin fayyadamuu hindandeenye. Itoophiyaan zoonii daldala walabaa Afrikaa sadarkaa ardiitti hojjetamaa jirutti fayyadamuuf dinagdeeshee cufaa ture banamuu qaba. Fooyyessi kun kana nidhugoomsa.

Fooyyessichi milkaa'inoota kanaan dura argaman ittifufsiisuufi carraalee haaraa uumuun caarraaqqiiwwan badhaadhina Itoophiyaa mirkaneessuuf jalqabaman milkeessuufis nigargaara.

Fooyyessa baankota Itoophiyaa baraare

Itoophiyaan dinagdeeshee cuftee turuunshaa qormaata bara baraa keessatti akka kufu taasiseera. Fakkeenyaaf daldalli alaa sharafa alaa amma barbaadamu galchuu erga dadhabe turteetti. Omishoonni Itoophiyaas karaa kontirobaandii akka bahan taasiseera. Itoophiyaan hamma hummashee investimantii kallattii biyya alaarraa fayyadamuu hindandeenye.

Gama biraatiin sirmi gabaa seeraan alaa akka babal'atu gochuun qaala'insi gatii lammiileerratti dhiibbaa akka geessisu taasiseera. Fooyyessi kun cabiinsota dinagdeerratti fe'aman kaasuudhaanis kaka'umsa gaarii ni uuma.

Keessumaa ittifufiinsa seektara faayinaansii mirkaneessuuf qooda olaanaas niqaba. Fakkeenyaaf maallaqa baankiin daldala bittaa boondiirraa walitti qabe pirojektota misoomaa liqisaanii deebisuun dadhabaniif qaqqabsiisaa ture.

Kun ammoo baankicha idaa keessa akka galchuufi yoo idasaa deebisuun hindandeenye jiguunsaa waan hinoolle ture. Baankiin Daldala Itoophiyaa jiguun amantaa baankota Itoophiyaarratti qaban nidhabsiisa. Kun ammoo ittifufiinsa baankota biyya keessaa rakkoorra buusa.



Abiyi Ahmad (PhD)



Dhimmoota mootummaan marii 'IMF'fi Baankii Addunyaa waliin taasiseen kaase keessaa tokko Baankii Daldala Itoophiyaa kan ilaallatuudha. Marichaan baankichi walumaagala dhaabbilee kanneenirraa maallaqa dabalataa doolara miliyoona 700 argateera. Kunis baankicha jiguurraa baraaruu ala hirmaannaa misoomaasaa akka ittifufu taasisa.

Waa'ee fooyyessichaa guutummaatti hubachuu
Jijjiirama dinagdee gooroo irra keessa osoo hintaane guutummaatti hubachuutu barbaachisa. Misooma biyyaaf maaltu ta'uu akka qabu yaadama ida'amuutiin gadifageenyaa madaalameeti kan lafa kaa'ame. Kaayyoonsaas badhaadhina Itoophiyaa mirkaneessuudha. Hiyyummaarratti xiyyeeffata. Dadhaboota rakkoof saaxilaman deeggaruudha.

Milkaa'inni hojiilee jijjiiramaa hundi tumsa qaamolee qooda fudhattoota taasisanirratti hundaa'a. Kun ammoo waliin tumsuun omishtummaa, daldala alaafi galii guddisuu jechuudha. Qaamoleen seera raawwachiisan daldaloota hojii jijjiiramaa karaa seeraan alaa fayyadamuu barbaadanirratti tarkaanfii akka fudhatan ittigaafatamummaan kennameeraaf.

Fooyyessa dandeettii maallaqaafi fiisikaalaa cimsu

Fooyyessichi dandeettii maallaqaafi fiisikaalaa kan gabbisuufi sirna bulchiinsa sharafa alaa kan ammayyeessuudha. Fooyyessichi milkaa'inoota fooyyessa dinagdee mandhalee boqonnaa jalqabaatiin galmaa'an ittifufsiisuuf Fooyyessi Dinagdee Mandhalee Boqonnaa lammaffaa guutummaan akka hojiirra oolu taasifameera.

Fooyyessichi guutummaan hojiirra ooluunsaa qisaasama qabeenyaa hambisuun omishtummaafi investimantii guddisuuf gumaacha olaanaa qabaata. Sharafa alaafi madaallii kafaltii akkasumas nageenya fiisikaalaa eegsisuun fayyadama lammiilee kan mirkaneessuudha.

Fooyyessa dinagdee mandhalee boqonnaa jalqabaatiin taaksii walitti qabuun, bulchiinsa

baasii mootummaafi dameelee dinagdee waaraatiin bu'aan argameera.

Kanaaf fooyyessichi siviil sarviisii cimaadhaan dandeettii imaammata maallaqaafi fiisikaalaa gabbisuun sirna bulchiinsa sharafa alaa ammayyeessuuf kan gargaaruudha.

Mootummaan fooyyessichaan boba'aa, xaa'oo, zayitii, dawaafi kkf utubuun faayidaa olaanaa qabaata. Fedhii sharafa alaa damee dhuunfaaf deebii kennuun omishtummaa fooyya'aafi dhiheessiin galtee akka jiraatu nitaasisa.

Ka'umsa fooyyessichaatiin deeggarsi maallaqa deeggartootaafi dhaabbilee misoomaarraa argamu guutummaan misooma akeekameef akka oolu gochuuf qophiin taasifameera.

Milkaa'ina fooyyessichaatiif keessumaa hayyoonni, dhaabbileen haqaa, hawaasni daldala, jiraattonni waliigalaa qoodasaanii bahachuu qabu.

Fooyyessichi investimantii nijjabeessa

Hojiirra oolmaan fooyyessa dinagdee gooroo daldala alaafi investimantii kan jajjabeesuufi dorgomummaa kan dabaluudha.

Tarkaanfii mootummaan fudhate namoonni hedduun eegaa turan. Guddinni waliigalaa biyyaaf akkasumas fayyadamummaafi babal'ina investimantii keessatti gahee olaanaa qabaata.

Dinagdee biyyaa haalaan hogganuu, daldala alaa guddisuu, investimantii walitti qabuufi sharafa alaa guddisuun damee daldalaafi omishaaf carraa guddaa fidee kan dhufuudha.

Fooyyessa imaammata dinagdee goeroon sharafni alaa gabaan akka durfamu taasifamuun garaagarummaa gabaafi baankota jidduu tures dhiphisuudha. Industiriiwwan omishaa qaawwa gama sharafa alaatiin jiru guutuun omishtummaa guddisuufi dorgomaa ta'uuf kan gargaarudhas.

Hojiirra oolmaafi faayidaa fooyyessichaa

Adeemsi fooyya'iinsaa kun deeggarsa Dhaabbata Maallaqa idiladdunyaa ('IMF')fi Baankii Addunyaa dabalatee dhaabbilee deeggartoota idiladdunyaa biroon hojiirra oolfama.

Jijjiiranni taasifame dinagdeen gabaadhaan akka durfamu, baasiifi galii mootummaa fooyyessuun idaa hir'isuurratti faayidaa olaanaa qabaata. Sababa fooyyessichaatiin lammiilee miidhamoo ta'aniif daballin mindaafi deeggarsi nitaasifama.

Ka'umsi fooyyessa dinagdee ammaa dinagdee mandhalee waggoota jahan darbanitti sadarkaalee adda addaatti hojiirra oolaa tureedha. Kanaanis haala rakkoo caaseffama bulchiinsaatiin hudhamee kan ture damee dhuunfaa si'oomsuun dursitoota dinagdee akka ta'an haalli dandeesisu uumameera.

Ijaarsi pirojektota yeroo kaa'ameef keessaatiifi bajata qabameefiin akka xumuraman taasifamuun danda'ameera. Muuxannoon kun fooyyessa dinagdee gooroo guutuu hojiirra oolchuuf ka'umsa gaariifi haala dandeesisu kan uumeedha.

Jijjiirama biyyaaleessaa as dinagdee tasgabbaa'aa akka jiraatuuf hojiilee hedduun hojjetamaniiru. Fooyyessicha karaa guutuu ta'een hojiirra oolchuun dinagdee Itoophiyaa tasgabbaa'aa, guutamaafi ittifufiinsa qabu galmeessisuuf gahee olaanaa qabaata.

Bajata dabalataa

Bajanni mootummaa federaalaa kan bara 2017 qarshii biliyoona 971.2 ta'uun mana maree bakka bu'oota ummataa ragga'uun ni yaadatama. Bajanni kun kan bara darbee wajjin yoo madaalamu dhibbantaa 21.1 caalmaa kan qabudha. Kana keessaa bajata idilee qarshii biliyoona 451.3, bajata kaappitaalaa immoo qarshii biliyoona 283.2tu qabame.

Fooyyessichi dinagdee amansiisaafi waaraa ijaaruuf bu'uura kan kaa'uudha. Fooyya'iinsa imaammata taasifamuu kana hordofee maddeen faayinaansii adda addaa hirpha taasisaa jiru. Kana hordofuun ministeerri maallaqaa bajata mootummaa federaalaa bara 2017 ifa ta'erratti bajata dabalataa taasisa.

Manni Maree Bakka Bu'oota Ummataa akka raggaasisuuf kan qophaa'ee bajata dabalataa qarshii biliyoona 550 ol yoo ta'u, kana keessaa biliyooni 240 misooma hawaasummaaf kan ooluudha.

Mootummaan oggaa fooyyessa dinagdee kana labu lammilee galii gadaanaa qaban jiddugaleessa taasifateeti. Kanaanis lammiilee galii dhaabbataa qabaniifi seefteeti misoomaatiin deeggaramaniif deeggarsa gahaa gochuuf bajanni dabalataa kun murteessaadha.

Dabalataa bajanni kun hirpha zayitii nyaataa, boba'aafi qorichaaf akka oolu gochuun yaaddoo yeroo imaammannii kun hojiirra oolu mudachuu danda'u dursanii ittisuun kan dandeesisuudha.

Gama biraatiin baasii biyyaaleessaa galii ofiin guutuuf tattaaffiin taasifamu cimee kan ittifufuufi hojiirra oolmaan imaammatachaa humna galii guddisuu keessattis gahee murteessa qaba.

Dhaamsa Ministira Muummee

"Dhimma jijjiirama dinagdee gooroo qeenxeedhaan utuu hintaane guutummaasaa ilaaluu barbaachisa. Yaadama ida'amu keenyaan misooma biyyaaf maaltu godhamuu akka qabu gadifageenyaa madaalle keeneerra. Kaayyoon keenya badhaadhina Itoophiyaa mirkaneessuudha.

Adeemsi keenya hiyyeessaaf kan toluufi warra daran hiyyummaaf saaxilaman deeggaruurratti kan xiyyeeffatuudha. Milkaa'inni hojii jijjiiramaa keenyaa hundi tattaaffii gamtaa qaamolee ilaallatuurratti kan hundaa'edha.

Kunis omishtummaa, daldala alaafi galii walta'inaan guddisuu jechuudha. Qaamoleen seera raawwachiisan dadaloota saamtota karaa hinmalleen seeraan ala fayyadamuu barbaadanirratti tarkaanfii akka fudhatan ittigaafatamummaan kennameeraaf.

AADAIFI AARTII

“Marii biyyalessaa adeemsifamuuf jedhu milkeessuuf aadaafi duudhaa jaarsummaa Oromoo keessa jiru utuu cuuphannee gaariidha”

- Obbo Leeniin Quuxoo Hamdoo

Natsaannat Taaddasaatiin

“Mariifi marabbaan dhimmuma fedherrattuu waa tolcha. Namni mari’atu gara waliigaluu, walhubachuu, walamanuufi araaraatti deema. Aadaa Oromoo keessatti xumurri mariifi jaarsummaa araara.

Araari ammoo waliidhiisuu, walittifayyuufi tokkoomuu ofkeessaa qaba. Aadaafi duudhaan marii, jaarsummaafi araaraa kun marii biyyalessaa Itoophiyaatti adeemsifamuuf jiruuf raacitiidha.

Marii biyyalessaa kana milkeessuuf aadaafi duudhaa jaarsummaafi araaraa keenya ganamaa kana keessaa utuu cuuphannee gaariidha. Aadaafi duudhaa jaarsummaafi araaraa kana gara marii biyyalessaatti fidanii ittifayyadamuun maricha milkeessuufi rakkoo amma keessa jirru keessaa akka baanu taasisuu keessatti gahee olaanaa qaba” jedhu Obbo Leeniin Quuxoo Hamdoo.

Obbo Leeniin Quuxoo Hamdoo Yunivarsiiti Naannoo Oromiyaatti Qorataafi Gorsaa akkasumas Daariktara Inistiitiyuutii Qorannoo Misooma Afaan, Aadaafi Aartii Oromooti.

Obbo Leeniin gaafdeebii torban darbe Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin akka jedhanitti, Oromoon dhimma hundumaa eebbaan jalqabee eebbaan xumura. Jaarsummaa yeroo taa’us eebbaan jalqabee eebbaan xumura. Eebbi qabbana waan hundaati.

Xumurri marii ykn jaarsummaa ammoo araara. Sirna araaraa kanaan qaamoleen walhabanii turan walhammatanii garaa qulqulluu waliif dhiisanii waan walii kennuu qaban walii kennanii waliin nyaatanii dhuganii garaa walnyaatanii addaan galu. Sirni araaraa kun murtii kenname hojiirra oolchuus ni dabalata jedhu.

Akka Obbo Leeniin jedhanitti, Oromoo dabalatee saboonniifi sablammoonni Itoophiyaa keessa jiran akkaataa nagaafi jaalalaan itti waliin jiraataniifi walhabdee gidduusaaniitti uumame ittiin furatan qabu. Biyyattiitti walhabdee warra baroota qalamaa baranneerra ofiin jedhanii ykn warra siyaasaan daldaalanitu jira malee walhabdeen sabaa hinjiru. Saboonniifi sablammoonni biyyattii akka itti nagaafi jaalalaan itti waliin jiraatu, waliin oolee buluufi ittiin walkeessa jiraatu sirriitti beeka. Walhabdee kamuu mariifi marabbaan furuun barbaachisaadha.

Mariifi marabbaan dhimmuma fedherrattuu waa tolcha. Namni mari’atu gara waliigaluutti, walhubachuu, walamanuufi araaraatti deema. Aadaa Oromoo keessatti xumurri mariifi jaarsummaa kamiyyuu araara. Araari ammoo waliif dhiisuu, walittifayyuufi tokkoomuu ofkeessaa qaba.

Aadaafi duudhaan mariifi araaraa keenya ganamaa marii biyyalessaa adeemsifamuuf jedhuuf raacitiidha. Aadaafi duudhaa jaarsummaafi araaraa kana gara marii biyyalessaatti fidnee keessaa cuuphannee ykn ittifayyadamnee gaariidha jedhu.

Oromoon dubbiiin akka lama qabdi jedha. Isaanis dubbii golaafi dubbii alaati. Dubbii gola jechuun dubbii keessoo jechuudha. Fakkeenyaaf dubbii Oromoon akka Oromooti waliin qabu dubbii gola jedhama. Dubbiiin gola saba biraatti gad hinba’u. Dubbiiin gola golumatti ykn keessootti xumuramuu qaba. Har’a garuu dubbii golaafi dubbii alaa walii wallaaltee baay’ee rakkachaa jirra.

Oromoon dubbii keessoosaa golatti walgorfatee, waliin mari’atee, erga walitti araaramee booda marii biyyalessaarratti hirmaachuu qaba. Dubbiiin golaafi dubbiiin alaa kaleessaa kaasee jira. Dubbii alaa jechuun dubbii saba tokkoofi saba biraa gidduu jiru jechuudha.

Oromoon dubbii golaafi alaa akkaataa itti ilaalu qaba. Dubbiiin akkuma cimnaafi laafinaaatti tartiiba qaba. Akka aadaafi duudhaa Oromoo ganamaatti dubbiiin kamiyyuu akka laafinaafi cimnisaatti karaa jaarsa qe’ee, jaarsa ollaa, jaarsa balbalaa, jaarsa gosaa ykn shanacha gosaa, jaarsa biyyaa, Yaa’a Gadaa ykn Abbaa Gadaatiin furama.

Jaarsa qe’erraa eegalee hanga Abbaa Gadaatti laftiifi namni isaan bulchan walcaala. Dubbii jaarsa qe’ee malee jaarsi biraan hituqnetu jira. Dubbiiin jaarsa balbalaa, jaarsa gosaa ykn shanacha gosaa jaarsa biyyaafi Abbaan Gadaa ilaalus jira. Dubbiiin kamiyyuu haala kanaan jaarsummaa sadarkaa sadarkaan jiruun furama. Jaarsummaa keessatti dhimmi walhabdeen irratti uumame sirriitti ilaalamee murtiin kennamee araari akka bu’u taasisama.

Akka Oromoon dhugeeffatutti Waaqaafi lafti yoo walhabee jaarsummaa deemuun nijira. Yoo ongeen dheerate ykn roobni humnaa olii roobe Oromoon Uumaafi uumamatu walhabee jedha. Uumaafi uumamni yeroo walhabuu Oromoon kallacha, bokkuu, siinqeefi caacuu qabatee ba’ee wanta dabetu jira jedhee faloo falatee Waaqa ofitti araarsa.

Oromoon jaarsummaa Uumaafi uumamaa akkasitti araarfata. Dubbii biraa ammoo jaarsolii sadarkaa sadarkaan jirantu araarsa. Akka aadaafi duudhaa Oromooti jaarsummaan namoota walhaban gidduutti qofa utuu hintaane Uumaafi uumamni yoo walhabee jaarsummaani adeemsifama.

Jaarsummaa keessatti qaamni dhimmi ilaallatu keessaa hinhafu. Gaaddisnis jaarsummaa taa’uu dura qaamoleen dhimmi ilaallatu hundi dhufeeraa? jedhee gaafata. Qaamni muffii qabu hundi gaaddisa jaarsummaarratti argamuu qaba. Akka aadaa Oromooti “Qaamni muffii qabu erga hirmaachuu didee dhiisaa jedhanii jaarsummaa taa’uun hinjiru. Oromoon jaarsummaa keessatti sagal obsee, sagal gorsee, sagal dhoksee gara araaraatti fida” jedhu

Yeroo jaarsummaan taa’amu kora mataafi miilaatu jira. Korri mataafi miilaa walwaamee gaaddisa jaarsummaarratti huuruu kennata. Huuruu kennachuu jechuun sagalee dhageessifachuu ykn komii (waan garaa isa nyaate) dhiyeeffachuu (himachuu) jechuudha.

Sirna jaarsummaarratti utuu hindhiyaatiin komii dhageessifachuun ykn himachuun waan hindanda’amneef qaamoleen walhaban jaarsummaarratti argamuun huuruu kennatu ykn sagalee dhageessifatu. Erga korri mataafi miilaa huuruu kennatee ykn sagalee dhageessifatee booda waan wayyabni (namni baay’een) irratti waliigalerratti hundaa’uun gara murtiitti deemama.

Murtii kennuudhaan dura guungumatu jira. Guunguma jechuun yeroo abbaan murtii murtii kennuuf deemutti namni murtiin itti deemamaa jiru waan garaa isa nyaatu dubbatee baafachuu jechuudha. Namni guunguma qabu “Sitti guungumame! Dhimma kana seera aadaa kamiin ilaalte?” jedhee yoo waanti dabe ykn ifa isaaf hintaane jiraate ni guunguma. Yoo guungumni



Stuurri: Gabaraboo Gibreetiin

sun sirrii ta’e irraa fuudhanii dubbiiin sun yoo bulu qaba ta’es bulchanii ilaalanii guunguma sana sirreessanii murtii kennu ykn murteessu. Yoo hanqina hubannoo ta’e ammoo achumatti ibsanii fiitu murtii kennu.

Guunguma kana nama qofa utuu hintaane Waaqnillee ni guunguma. Namni irratti waliigalarii, abbaan murtii alangee dhukaasee utuu murtii kennuu yoo waanti hin eegamiin tokko isatti dhufe fakkeenyaaf yoo haxxiffate, yoo qufa’e, yoo fe’ame, yoo oldeebise, yoo arrabnisaa jecha jedhuuf ka’e dhiisee jecha biraa jedhe Waaqatu natti gungume jedhee achumatti alangeesaa lafa kaa’ee dubbicha irra deebi’ee ilaalee murtii kenna. Kun Oromoon murtii haqaa kennuuf hangam akka ofeeggatu agarsiisa.

Gaaddisa jaarsummaarratti erga murtiin kennamee booda araaratu jira. Araari murtii kenname hojiirra oolchuu dabalata. Sirna araaraa kanarratti qaamoleen walhabanii turan lamaan walhammatanii garaa qulqulluu waliif dhiisanii waan waliif kennuu qaban waliif kennanii waliin nyaatanii dhuganii garaa walnyaatanii addaan galu.

Murtiin jaarsaa murtii Waaqaati waan ta’eef tokko araaramnaan keessa deebi’uun hinjiru. Qaama murtii jaarsi kenne cabsetti namnis Waaqnis itti rifata; sanyiinsaas ni bada. Qaama murtii jaarsaa cabse ummannis ni mufeessa ykn qoqqobbii irra kaa’a. Ollaan mana nama murtii jaarsaa cabsee hindhaqu; innis mana ollaasaa hindhaqu. Oromoon nama murtii jaarsaa cabse gabaa kiyya hindhaqiiin, karaa kiyya hinba’iin, malkaa kiyya hinbu’iin, jechuun qoqqobbii irra kaa’a.

Oromoon yoo namni murtii jaarsaa cabse dhukkubsate hingaafatu; yoo du’es hinawwaalu. Oromoon nama murtii jaarsaa cabsu qoqqobbii irra kaa’uurra darbee ulee gosaatiin dhaana, dhumarratti ammoo sidii itti mura. Sidii itti muruu jechuun diinomsuu (Oromummaa irraa mulqanii ari’uu) jechuudha. Sidii jechuun diina keessaa diina hamaa jechuudha. Oromoon dhimma hundumaa eebbaan jalqabee eebbaan xumura. Yeroo jaarsummaa taa’us eebbaan jalqabee eebbaan xumura. Eebbi qabbana waan hundaati. Itoophiyaa keessa walhabdeen sabaa hinjiru. Saboonniifi sablammoonni biyyattii keessa jiran dur utuu Itoophiyaan boca har’a qabdu hinqabaatiinyuu ollaa walii turan. Saboonni biyyattii keessa jiran akkaataa itti nagaafi jaalalaan itti waliin jiraatan beeku.

Akkaataa walhabdee isaan gidduutti mudate

ittiin furatanis qabu. Itoophiyaa keessa kan jiru walhabdee sabaa utuu hintaane walhabdee warra barnoota qalamaa baranne jedhan (warra siyaasaan nagadan) gidduu jiruudha. Biyyattii keessa walhabdee nagada siyaasaa malee walhabdeen sabaa hinjiru. Sabni akka nagaafi jaalalaan itti waliin jiraatu, waliin oolee buluufi ittiin walkeessa jiraatu sirriitti beeka.

Oromoon saba biraa sagalee barooda sangaasaa dhaga’uun ollaadha jedha. Saboonni daangaa Oromiyaa jiran hundi waggoota kuma hedduuf karaa Michuu, Gurraachaa, Gondooroofo Wadoo nagaan Oromoo waliin jiraachaa turan. Gurraachi dhaabbata Oromoo saboota kaan ja’aa ol walitti hidhee naga, tokkummaafi jaalalaan akka waliin jiraatan taasisa.

Warri marii biyyalessaa adeemsisaa jiranis saboonniifi sablammoonni biyyattii kaleessa akkamitti nagaan waliin jiraachaa ture jedhanii duuba deebi’anii ilaaluu qabu. Warri baranne jennuufi warri siyaasaas aadaafi duudhaa keenya ganamaa duubatti deebinee ilaaluu qabna. Oromoon saba kamuu ta’i namoomatti amana. Yoo aadaa, duudhaafi safuu Oromoo fudhate Oromoon saba kamuu yoo taate anaa dhufu jedhee ofitti qabee si bulcha malee suntuqu.

Oromoon waraanaa dura sagal farda itti ergee kadhatee yoo dide kurnaffaarratti ittiduula. Nama waraanarratti booji’ellee hinmiidhu. Kanaafuu aadaafi duudhaa ganamaa kana gara marii biyyalessaatti fidanii ittifayyadamuun akka marichi fiixaan ba’u taasisuufi rakkoo amma keessa jirru keessaa akka baanu taasisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Sochii mootummaan Naannoo Oromiyaa aadaafi duudhaa Oromoo ganamaa deebisuuf taasisaa jiru bareeda. Aadaafi duudhaa ganamaatti haadebinuun afaaniin qofa hinta’u. Kanaafuu mootummaan waggaa waggaa dhimmoota Oromummaa jabeessan labsiidhaan deggereera.

Akkasumas inistiitiyuutiwwan dhimmoota aadaafi duudhaa Oromoo ganamaa deebisuurratti xiyyeeffatan kanneen akka inistiitiyuutii keenyaa hundeessee hojii bal’aan hojjetaa jira. Inistiitiyuutiin keenya aadaafi duudhaan Oromoo ganamaa nageenya waraa buusuu keessatti gahee olaanaa waan qabuuf Ministeera Nageenyaafi Ministeera Aadaafi Ispoortii waliin dhimma nageenya biyyalessaarratti hojjechaa jira.

Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa ta’e Ministirri Muumee Itoophiyaa aadaafi duudhaa ganamaa deebisuurratti ejjennoo cimaan irratti hojjechaa jiru. Kun akka hawaasni aadaafi duudhaasaa ganamaatti deebi’u taasisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Utuu aadaafi duudhaa keenya ganamaatti deebinee rakkoolee qabnu hunda furachuu dandeenya. Hojii aadaafi duudhaa keenya ganamaatti deebi’uuf raawwatamaa jiruun jijjiiramni ajaa’ibaa mul’achaa jira.

Manni murtii aadaa hundaa’es mana murtii idilee caalaatti ummata tajaajilaa jira. Manni murtii aadaa dubbii waggoota dheeraaf lafarra harkifateefi ragaan itti dhabameef furmaata kenna jira. Manni murtii idilee ragaarratti hundaa’uun murteessadha. Manni Murtii aadaa ammoo dhugaafi haqa baasuurratti xiyyeeffatee hojjeta. Aadaa keenyatti deebi’uun isa kana jedhu Obbo Leeniin.

ODUU

Buufanni xiyyaaraa

idiladdunyaa...

waggaatti imaltoota miliyoona 100 akka keessummeessa.

Buufanni kun lafa iskuweer kaareemeetira kuma 35 ykn kiilomeetira 35 kan haguuga yoo ta'u, ijaarsichi faayidaa qonnaan bultoota lafasaaniirraa misoomichaaf kaafamanii kan giddugaleeffatedhas jedhaniiru.

Qonnaan bultoonni 2500 ta'an misoomichaaf yoo kaafaman faayidaansaani sirriitti eegama jedhanii, qonnaan bultoota lafasaaniirraa kaafamaniif bu'uuraaleen misoomaa barbaachisoon kan ittiin ijaaraman doolaarri biliyoona 17 ramadamuus Obbo Masfin ibsaniiru.

Ijaarsi buufatichaa marsaawwan lamaan kan gaggeeffamu ta'uus eeranii, marsaan jalqabaa qarshii doolaara biliyoona jahaa ol akka gaafatuufi imaltoota miliyoona 60 kan hammatu ta'uu himaniiru.

Buufatichi oggaa ijaarsisaa guutummaatti xumurame waggaatti imaltoota miliyoona 100 keessummeessa jedhameera.

Itoophiyaa Kibbaatti balaan...

deebisanii dhaabuu ilaalchisee Gaazexaa Bariisaaf wayita yaada kennan, godinaalee naannichaa hedduu keessatti sigigni lafaa mudachuu akka mallattoolee mul'achaa jiraachuu ibsaniiru.

Godinaalee naannichaa kanneen akka Goofaa, Walaayittaa, Gaamoo, Geedi'oo, Gaardullaa, Haariifaa keessatti akka Gazee Gofaa bal'aa ta'uu baatus sigigni lafaa mudachaa jiraachuu eeranii; Oomoo Kibbaafi godinaalee biroottis sigiga lafaatiin ala balaan lolaa hamaan mudachuu waan maluuf Waajjirri Hoggansa Sodaa Balaa Naannichaa ummata balaa jalaa baraaruf sochii olaanaa taasisaa jira. Haaluma kanaan Godina Walaayitaafi kanneen birootti lubbuu hedduu balaa jalaa baraaruu danda'amu yaadachiisaniiru.

Akka isaan jedhanitti, naannichatti godinaalee yaaddoo balaa sigiga lafaa qaban keessaa namoota 626 ta'an giddu galawwan yeroo ja'atti walittiqabuun deeggarsi nyaataa, uffataa, xiinsamuufi yaalaa fayyaa taasisamaafii jira.

Namoota giddugalawwan kunneenitti walitti qabaman 626 keessa abbootii warraa 88 Gazee Gofaarraa kan fuudhaman yommuu ta'u, kanneen hafan garuu godinaalee sodaa sigiga lafaa qaban keessaa kan walitti qabamanidha.

Namoota kunneen dhibee daddarbaa mudachuu malu jalaa baraaruf ogeessotni fayyaa heddumminaan to'annaafi hordoffii taasisuun cinatti mootummaan naannichaa namoota kunneen ji'a sadii keessatti dhaabbiin qubsiisuuf ejjennoon hojjetaa jira.

Akka Gazee Gofaa balaa dhaqqabsiisuu baatus sigigni lafaa bakkeewwan heddeutti mudataniiru. Kanaan boodas rooba cimaa hanga baatii Onkolooleessaatti roobuu raagni haala qilleensaa akeekkeen godinaaleen sagantaa dursanii akeekkachiisuun adda ba'an of eeggannoo cimaa akka taasisan ibsanii; sochii mootummaan naannichaa namoota balaa kanaan qe'eesaaniirraa buqqa'an deebisanii dhaabuuf taasisaa jiru ummatni Itoophiyaas tumsa taasisaa jiru cimsee akka ittifufu dhaamaniiru.

Kaadaastara lafa magaalaa hojiirra...

deeggaramen bulchuuf kan gargaaru ta'uu himanii; hojiin kaadaastara lafa magaalaa kun magaalota Oromiyaa 39 keessatti hojiirra oolaa jiraachuufi magaalotni Adaamaafi Bishooftuu kaadaastaricha hojiirra oolchuun akka moodelaatti kan eeraman ta'uus ibsaniiru.

Kaadaastari ragaa qabiyyee lafaa dijitaallessuun rakkoo faayila mana galmee keessaa dhabamuufi baduu kan hambisu ta'uu himanii; abbaan qabiyyee lafaa kaartaa dijitaalaa akka argatuufi moobaayilii harkasaarra jiru fayyadamoon karaa onlaayinii kaartaa qabiyyee lafaasaa akka ilaallatu kan taasisudha jedhaniiru.

Akka isaan jedhanitti, kaadaastara lafaa hojiirra oolchuun sirna ragaa lafaa ammayyaa'aa diriirsuu, mirga abbaa qabiyyummaa lafaa mirkaneessuu, kenniinsa tajaajila lafaa si'eessuu, alseerummaa, komiifi waldiddaa lafaan walqabatee mul'atu xiqqeessuu, galii mootummaan lafarraa argatu guddisuufi magaalii pilaaniin akka hogganamu taasisuuf gargaara.

Hojiin sirna ammayyeessa ragaa lafaa kana milkeessuuf magaalotni biroon magaalota Adaamaafi Bishooftuurraa muuxannoo qooddachu qabu. Abbootiin qabiyyee lafaa kaartaa dijitaalaa qabiyyee lafaa hin fudhannes ulaagaa barbaachisu guutuun dafanii fudhachuuf hirmaanaa ho'aa taasisuu qabu. Kantiibonni magaalotaafi ittigaafatamtoonni waajjiraalee lafa magaalotaas kaadaastara lafaa hojiirra oolchuurratti kutannoo cimaan hojjechuutu irraa eegama.

Ittigaafatamaan Waajjira Lafa Magaalaa Adaamaa Obbo Lijaalem Shuggux gamasaaniin akka jedhanitti, bulchiinsi Magaalaa Adaamaa rakkoolee walxaxoo lafaafi lafaan walqabatan furuuf heera biyyattii lakkoofsa 40/7 akkasumas labsii qabiyyee lafa magaalaa bulchuuf ba'e lakkoofsa 818/2006 bu'uura godhachuudhaan gara hojii kaadaastaraatti erga galee waggoota afur lakkoofsiseera.

Hojii kaadaastara lafaa kanaan kaartaa mirga abbaa qabiyyee lafaa qabu maanuwaalii gara dijitaalaaatti jijjiiruun danda'ameera. Kaartaa qabiyyee lafaa dijitaallessuun rakkoo lafa tokko irratti kaartaa lamaafi sadii ba'aa tureefi waldhabdee daangaan walqabatee ka'aa ture kan fure ta'uus eeraniiru.

Bulchiinsi Magaalaa Adaamaa qabiyyee lafaa abbummaansaa mirkanaa'e kuma 92 gara kaadaastara lafaatti galchuuf karoofatee hojjechaa turuu himanii; kana keessaa hanga torban darbeetti qabiyyee lafaa kuma 80 ol gara kaartaa dijitaalaaatti galeera. Hojiin kaadaastara lafaa dhimma tokkoon tokkoon cittuu lafaa magaalattii keessa jiru lakkaa'anii eessatti akka argamuufi faayidaa maaliif akka oolu adda baasanii dijitaallessuufi mirga abbaa qabiyyee lafaa gonfachiisuuti waan ta'eef hojii ulfaataafi dadhabsiisaa ta'uus eeraniiru.

Kaadaastara lafaa hojiirra oolchuun sirna bulchiinsa lafaa ammayyeessuun saamichaafi weerara lafaa ittisuuf, ijaarsa seeraan alaa hambisuuf, malaammaltummaa lafaan walqabatu hir'isuuf, galii mootummaan lafarraa

argatu guddisuufi kenna tajaajila lafaa si'eessuuf kan gargaaru ta'uus eeraniiru.

Hojii kaadaastara lafaa kanaan cittuun lafaa daangaa bulchiinsa Magaalaa Adaamaa keessatti argamu kamiyyuu galmaa'ee kan beekamu ta'uu himanii, ijaarsi qabiyyeen lafaa siistama keessa hinjirre kamiyyuu ijaarsa seeraan alaati. Tarkaanfiin ijaarsa seeraan alaarratti fudhatamaa tures kan itti fufu ta'uus himaniiru.

Magaalaa Adaamaa, Kutaa Magaalaa Bokkuu Shananiin kan jiraatan Obbo Baahiruu Alamuun akka jedhanitti, kaadaastari lafaa magaalattii erga hojiirra oolee as kenna tajaajila lafaa si'eessuun deddeebii kanaan dura ture hambiseera. Kaadaastari kaartaa qabiyyee lafa keenyaa dijitaallessuun koodii nuuf kenname itti galchuudhaan yeroo barbaadanitti mobaayila harkaa qabanirratti akka argataniif haala kan mijeeseef ta'uu himaniiru.

Kaartaan qabiyyee lafa keenyaa dijitaalaa'uun mirga abbaa qabiyyummaa keenyas mirkaneesseera kan jedhan Obbo Alamuun, kaartaan dijitaalawaan kun gibira mootummaa haqaan akka kaffalaniifi kaarticha qabsiisuun yeroo barbaadanitti baankiirraa qarshii akka liqeeffataniif haala gaarii kan uumeef ta'uus himaniiru.

Gareen gaazexeessitootaa hoggantoota Biiraa Lafa Oromiyaan durfamu torban darbe hojiirra oolmaan kaadaastara lafa Magaalaa Adaamaafi Magaalaa Bishooftuu maal akka fakkaatu waajjiraalee lafa magaalota lamaaniitti argamuun daawwateera.

Boqqonnaan calallii ajandaa milkaa'ina...

Boqqonnaa marii kanarratti qaamoleen hawaasaafi qoodafudhattooti wal ta'uun dhimmoota bu'uura waliigaltee biyyaalessaaf naannicha bakka bu'anii marii ummata adda baasanii akka dhiyeessan taasisa. Bu'aan marii gaggeeffame kan waloo ta'ee koomishinichaaf akka dhiyaatu himanii; komishinichis ajandaalee calalamani dhiyaataniif kan naannoleefi magaalota biroorraa dhufan waliin walittiindeessuun aangoo labsiin kennameef bu'uura godhachuudhaan ajandaa marii biyyaalessaa boca jedhaniiru.

Bakka bu'oota kutaalee hawaasaa kurnan, dhaabbilee siyaasaa naannichaa, bakka bu'oota qaamolee mootummaa sadan, dhaabbileefi waldaalee garagaraa, akkasumas namoota bebbeekamoofi dhiibbaa gaarii uuman dabalatee waliigalaan hirmaattotni kuma tokko caalan maricharratti akka hirmaatan ibsaniiru. Kanaaf, jiraattoti bu'aa biyyaalessaa marichi qabu hubachuudhaan dammaqinaan akka ittihirmaatan jechuun waamicha dhiyeessaniiru.

Komishinar Doktor Taganyiwarqi Geetuu gamasaaniin akka jedhanitti, mariin naannoo Harariitti gaggeeffamu boqqonnaa calallii ajandaafi hirmaattota jiraattota naannichaa bakka bu'uun marii biyyaalessaarratti hirmaatan adda baasuudha. Ajandaan calalame komishinichaafi gorsitoota komishinichaan bocamee marii biyyaalessaaf dhiyaachuun mariin gaggeeffama jedhaniiru. Marii



waliigaltee biyyaalessaa fiduuf gaggeeffama jiru fiixaan baasuuf deeggarsa miidiyaaleen taasisaa jiran galateeffachuun deeggarsi miidiyaalee akka itti fufu gaafataniiru.

Komishinichatti qindeessaan boca ajandaaleefi marii obbo Tamasgeen Abdiisaa ibsa calallii ajandaa komishinichaa ilaalchisuun kennaniin, adeemsi marii biyyaalessaa sadarkaa naannoo, bulchiinsa magaalotaa, federaalaafi dayaaspooraatti gaggeeffama. Calalliin ajandaa sadarkaa sadarkaan gaggeeffamus ajandaalee sadarkaa biyyaalessaatti bocamaniif galtee ta'uu ibsaniiru.

Akka ibsa isaaniitti, guyyoottan marii jalqabaa sadanitti kutaalee hawaasaa kudhanirraa walitti baba'aniifi qoodafudhattoota (dhaabbilee amantaa, dhaabbilee

siyaasaa,...) garee xixiqqaatti qoodamuun mari'atama. Ittaansuudhaan ajandaalee garee xixiqqaatti mari'atan akka hawaasaatti irratti mari'achuudhaan ajandaa waloo taasisuun komishinichaaf dhiyeessuu jedhaniiru.

Komishinichis ajandaalee calalamee dhiyaatee bu'aa faayidaa biyyaalessaa giddugaleeffachuun ajandaa marii biyyaalessaa taasisuun bocee mariif dhiyeessuun akka irratti mari'atamu taasisa jedhaniiru.

Mariin biyyaalessaa gaggeeffamus rakkoo waloorratti waliigaluufi rakkoo waloo akkamitti akka furanirratti walii galuu eeranii; waliigalteen haala kanaan uumamus mootummaafi ummata gidduutti walamantaa uumuudhaan duudhaa waloo akka cimuu taasisuun marii aadaa taasisa.



Olompikii 33ffaan garee Itoophiyaa gabatee sadarkaa meedaaliyaarraa fageesse boru xumurama

Fifinne: Olompikii 33ffaan Adoolessa 19 bara 2016 irraa kaasee Faransaayi, Paariisitti adeemsifamaa jiruufi Itoophiyaa gabatee sadarkaa meedaaliyaarraa fageesse boru xumurama.

Itoophiyaan hanga kaleessaatti meedaaliyaa meetii lama qofa kan argatte yoo ta'u, meedaaliyaan lameen kan argaman fiigicha meetira kuma kudhanii dhiiraan Barrihuu Aragaawwiifi meetira 800 dubartootaan Tsiggee Dhugumaatiini.

Qabxiinsaa maxxansaaf nu dhaqqabuu baatus fiigichi meetira kuma 10 dubartootaa kaleessa galgala adeemsifameera. Dorgommii kanarratti Gudaaf Tsaggaay, Footiyeen Tasfaayee fi Tsiggee Gabrasalaamaa hirmaataniiru.

Dorgommiin kun har'as ittifufuudhaan fiigicha maaraatoniitiin gooticha Olompikii Qananiisaa Baqqalaa dabalatee, Taammiraat Tolaafi Dheeressaa Galataa nihirmaatu.

Itoophiyaan fiigicha gufachiisaa meetira kuma sadiirratti kan hirmaateefi meedaaliyaa ni argamsiisa jedhamee eegame, Lammeechaa Girmaa gufatee waan kufeeff miidhamee dorgommiidhaa ala ta'eera. Geetinnat Waaleefi Saamu'eel Fireewus hinmilkooftne.

Dorgommiin maaraatonii dubartootaa boru waaree dura kan adeemsifamu yoo ta'u, Tigisti Asaffaa, Amaanee Bariisoofi



Barrihuu Aragaawwii

Magartuu Alamuu ni hirmaatu. Olompikii baranaarraatti biyyoonni miseensota koree Olompikii 203 akaakuuwwan ispoortii adda addaatiin hirmaachaa jiru. Dorgommiwwan hanga kaleessaatti adeemsifamaniin biyyoonni 85 gabatee meedaaliyaa keessa galaniiru.

Olompikichaan meedaaliyaan warqii 242, meetiin 243, nahaasni 293 dimshaashumatti meedaaliyaawwan 778



Tsiggee Dhugumaa

badhaasaaf kennamaniiru. Ameerikaan meedaaliyaa warqii 30n, meetii 38fi nahaasa 35n walumaagalatti meedaaliyaa 103n dursaa kan jirtu yoo ta'u, Chaayinaan meedaaliyaa warqii 24, meetii 25n, nahaasa 19n dimshaashumatti meedaaliyaa 73n, Awustiraaliyaan warqii 18, meetii 14, nahaasa 13n waliigalaan meedaaliyaawwan 45n sadarkaa lammaffaafi sadaffaarratti argamu.

Afrikaarraa biyyoonni 10 gabatee meedaaliyaa keessa kan galan yoo ta'u, Keeniyaan meedaaliyaa warqiifi meetii tokko tokkoofi nahaasa sadiin, Afrikaan Kibbaa warqiifi meetii tokko tokkoofi nahaasa lamaan, Ugaandaan warqiifi meetii tokko tokko argachuun sadarkaa tokkoo hanga sadii yemmuu qabatan, Itoophiyaan immoo haala hinbaramneen meedaaliyaawwan meetii lama qofaan sadarkaa 63ffaa irratti arganti.

“Ispoortii atileetiksii biyya keenya addunyaatti beeksise eeggachuu qabna”

- Ibraahim Jeeyilaan

Fifinne: “Olompikii 32faa Tokiyarraa kaasee rakkoowwan Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaafi Koree Olompikii Itoophiyaa jidduu jiru akka furamuuf watwaataa turrus waan deebii hinarganneef ispoortii atileetiksii keenya rakkina keessa galcheera jedha pirezidaantiin Waldaa Atileetota Oromiyaa Atileet Ibraahiim Jeeyilaan.

Ibraahim ibsa kaleessa sochii gareen atileetiksii Olompikii Tokiyoorratti hirmaachaa jiru taasisaa jiru ilaalchisuun Gaazexaa Bariisaatiif kenneen, rakkooleen naannawa koree olompiikiifi federeeshinii atileetiksiitti mul'atu ispoortii atileetiksii keenya biyya miidhuuf gaditeenyee haa mari'annu irradeddeebiin iyyannus qaama nu dhageeffatu dhabuurraa kan ka'e ispoortii atileetiksii keenya rakkina keessa galuun ifatti mul'ataa jira jedheera.

“Ka'umsumarraa adeemsa walxaxaa keessa kan gale ispoortii kun, ammas hatattamaan yoo qaama dhimmichi ilaallatuun furmaata hinargatiin rakkoo hamaa kana caaluuf saaxilamuunsaa hinoolu. Dorgommii



ogummaadhaan gaggeeffamuudha. Fiigichi kan gaggeeffamu sammuu bilisa ta'eeni. Akka namoonni tokko tokko yaadan miila qofaan kan fiigamu otoo hintaane ispoortichi qindoomina sammuu fi qaamaa barbaada.

Yoo sammun bilisa hintaane qaamni biraa socho'u hindanda'u, sammuu ajaja waan ta'eef. Kanaaf ijoollee sammuu bilisaan hindorgomnerraa qabxii eeguun of gowwomsuudha.

Rakkoon kun akka ammaa bal'achuu baatus mudachuu kan eegale Olompikii Tokiyoorraa kaaseeti. Olompikii 33faa Paariis adeemsifamaa jirurraa hanga ammaatti qabxii gaariin galmaa'e hinjiru.

Ijoolleen keenya karaa lamaan meedaaliyaa keessa galuu kan danda'an. Tokkoffaa ispoortii atileetiksii taaktikii waan ta'eef warreen isaan wajjin dorgoman taaktikiidhaan ofirraa kutanii, hafuura liqimsanii ciniinnatanii onnee guutuudhaan tokko ta'anii hanga marsaa dhumaatti deemuudhaani. Lammaffaan duubarraan deemanii marsaa dhumaatti saffisaan bahuun injifachuu danda'u.

Akkan hubadhatti atileetonni keenya yeroo ammaa addunyaarratti sa'aatiin isaan ittiin xumuran daran fooyya'adha. Yoo dandeettii kanaan dura qabanitti fayyadamuun fiigan dorgommiwwan hafaniin qabxii eegamu argachuu dandeenya. Atileetiksiin akaakuu ispoortii maqaa biyya keenya addunyaarratti beeksise waan ta'eef sirriitti eeggachuufi baraaruu qabna” jedheera.